

**QAACCESSA BARREEFFAMA BARJAALEE AFAAN
OROMOO MAGAALAA ITAYYAA GAMA CAASAAFI
JIJJIRRAATIN**

HUSEEN WAADOO FATOON

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
GUUTACHUUF QOPHAAYEE MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII
GAAZEXEESUMMAAFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/ 2019
FINFINNEE**

**QAACCESSA BARREEFFAMA BARJAALEE AFAAN
OROMOO MAGAALAA ITAYYAA GAMA CAASAAFI
JIJJIRRAATIN**

HUSEEN WAADOO FATOON

GORSAA: DINQEESSAA DHEERESSaAA (PhD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
GUUTACHUUF QOPHAAYEE MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORIIF DHIYAATE YUNIVARSIITII
ADDIS ABABAA**

**KOOLLEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE**

Yunivaristii Finfinnee Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammataa Booddee

Waraqaaqorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Og barruufi Fookloorii ittiin guuttachuuf Huseen Waadoo Fatoon, mata duree ‘‘Qaaccessa Barreeffama Barjaalee Afaan Oromoo Magaalaa Itayyaa gama caasaafi Jijjiirraa jedhurratti qophaa’ee adeemsa barbaachisu guutee dhiyaateera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa_____ **Mallattoo**_____ **Guyyaa**_____

Qoraa Keessaa_____ **Mallattoo**_____ **Guyyaa**_____

Gorsaa_____ **Mallattoo**_____ **Guyyaa**_____

Itti gaafatamaa muumme yookaan walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Axereera

Kaayyoon qorannoo kanaa barreeffama Afaan Oromoo barjaalee Magaalaa Itayyaa gama ija caasaafi jijjiirraatin qaaccessuudha. Dabalataan hanqina isaan qaqqabsiisaniifi karaalee furmaata argatanirratti xiyyeeffateera. Kaayyoo qoranichaa galmaan gahuufis meeshaaleen funaansa ragaalee: sakatta'a dokumantiifi afgaaffitti dhimma bahee jira. Haaluma kanaan barjaaleen mana daldalaa dhuunfarratti maxxanfamaniifi waajjiraalee mootummaa cinnatti argaman suuraa kaasuum kan fudhataman yoo ta'u, qaamota dhimmi ilaalaturraa ammoo afgaaffii caaseffamaa qopheessuun ragaan walitti qabameera. Ragaaleen walitti qabamanis mala akkamtaafi ammamtaan akkaataa walitti dhiyeenasaanitiin walkeessa nyaachifamuun qaaceffamanii hiikni itti laatameera. Argannoon qoranichaa akka mul'isutti akkataan fayyadama caasaalee keessatti dogongora qubeessuu: dheeressuufi gabaabsuu, jabeessuufi laaffisuufi irrabuta akkasumas fayyadama jechootaa keessatti immoo, duraa duuba jechootaa, jechoota mijatoo hintaane, walqabsiistuu 'fi' akka ofdanda'atti fayyadamuu, dhaabbii dhabuu, irradeddeebii jechootaa fi gabaajee fa'arratti hanqinni jiraachuu isaanii bira gahameera. Akkasumas barjaalewwan magaalaa san keessatti argaman haalli jijjirrallee sakatta'amuun laalamee jira. Isaan kun immoo jechoonni ergaa barbaadame osoo hintaane hiika biroo akka dabarsan, yookin hiika akka dhaban, jechoonni afaanichaa akka hinwaaltofne, dhaaba akka dhaban, caasaa afaan Amaaraa yookin Ingiliizii afaanichaaf oolchuun dhiibbaa inni geesisuudha. Beekumsa xiinqooqaa Afaan Oromoo dhabuu, dhiibbaa caasaa Afaan Amaaraa yookin Ingiliizii, xiyyeeffannoo kennuu dhabuu waajjira aadaafi turizimii yaadesaa ta'uun bira gahameera. Dhumarrattis qoratichi namoota hojii beeksisaa magaalicha keessatti hojjachuu barbaadaniif ragaa beekumsa Afaan Oromoofi aadaa Oromoo qabaachuusaanii mul'isu adda baasuun heeyyama daldalaa kennuu, ogummaasaanii leenjiin gabbisuu, hordofuufi too'achuu, kan kana bira tare tarkaanfii seeraa irratti fudhachuu, waajjiri aadaafi turizimii dhimmicha karoora hojii keessa galfachuun irratti hojjachuun furmaata rakkoo kanaa ni ta'a jedhamee qoratichaan lafa kaa'ameera.

Galata

Duraan dursee guyyaa kanaan kan nagahe Waaqa uumaa tokkicha nan galateeffadha. Ittaansuun hojii qorannoo kanaa geggeessuu keessatti mataduree qorannichaa bocuu irraa eegalani kan hanga dhumaatti nagargaaraafi na qajeelchaa turan gorsaafi barsiisaa koo Dr. Dinqeessaa Dheeressaaf galata guddaa galcha.

Dabalataan, Abbaa Koo Obboo Waadoo Fatoofi, Haadha Koo Aaddee Aashuu Saadoo Kan Yaadaafi Qabeenyaan Naduuka Bu'uun Deeggarsa Naaf Taasisaniif Galanni Koo Daangaa Hinqabu. Ittaansuu obboleessa koo obboo Kaliil Waadoofi obboleettii koo shamarree Faaxumaa Waadoof jaalalaafi kabaja gudda isiniif qabaachurra darbee gargaarsa naaf gootaniif galatoomaa isiniin jedha.

Dhumarratti firoottaniifi hiriyoottan kan yeroo ani barumsa kana baradhu nagorsuun najajabeessurra darbanii yeroo ani rakkadhu nadeeggaruun hanga mallaqaan nagargaarutti nacinaa dhaabbattan hundi keessanuu rabbi waan isin feetaniifi jaalatan isiniif yaata'utii galatoomaa jedha.

Ibsa Gabaajewwaniifi kottoonfachiisaa

I Gabaajeewwan

AJ Afaan Jijjiirraa

AM Afaan Maddaa

WATAH Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Heexosaa

WKEDGAH Waajjira kennaa Eyyama Daldalaafi Gabayaa Aanaa Heexosaa

II Kottoonfachiisaa

YKN Yookin

FKN Fakkeenya

HUB Hubachiisa

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axereera	i
Galata	ii
Ibsa Gabaajewwaniifi kottoonfachiisaa	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa	2
1.3. Kaayyoo Qorannichaa	3
1.3.1 Kaayyoo Gooroo	3
1.3.2 Kaayyoolee Gooree	3
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa	3
1.5. Daangaa Qorannichaaa	4
1.6. Hanqina Qorannichaa	4
1.7. Qindoomina Qorannichaa	4
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU	6
2.1 Sakatta'a Barruu Yaadrimee	6
2.1.1 Fayyadama Afaanii Barreeffama Barjaalee Keessatti	6
2.1.2 Maalummaa barreeffama teeknikaa	7
2.1.3 Gosoota barreeffama teeknikaa	7
2.1.4 Amaloota barreeffama teeknikaa	8
2.1.5 Faayidaa Barreeffama Teeknikaa	8
2.2. Caasaa Afaan Oromoo dhamsagaa hanga gaaleetti	8
2.2.1 Dogoggora Qubeessuu	9
2.2.2. Dhiibbaa Dogongorri qubeessuu walqunnamtiirratti qabu	10
2.2.3 Dhamjecha	11
2.2.3.1. Dhamjecha walabaa	11
2.2.3.2 Dhamjecha Hirkataa	12
2.2.4 Hiikkaa Gaaleefi gaalee maqaa	13
2.3 Hiikaafi Akkaataa Dhufaatii Jijjiirraa	14

2.3.1	Hiika Jijjiirraa	15
2.3.2	Akaakuu Jijjiirraa	16
2.3.3	Adeemsa jijjiirraafi Seerotaa Hojii Jijjiirraa keessatti xiyyeeffannaa barbaadan	17
2.3.4	Maalummaa Jijjiirraa Hiikaa (semantic translatin)	19
2.4	Hiika Xiinhiikaa	19
2.4.1	Hiikaa Jechootaa Beeekuu	20
2.4.2	Faayidaa Hiikaa Jechootaa Bal'isuu	22
2.4.3	Dhaabbii Dhabuun Jechootaa Fayyadama Afaaniirratti Fidu	22
2.5	Maalummaafi Gahee Xiinqooqni Hujoon Hojii Jijjiirraa Afaanii Keessatti Qabu	22
2.6	Faayidaa Jechoota Waaltessuu	23
2.7	Yaaxxina Qaaccessa Dogoggora barreessuu	24
2.8	Sakatt a'a Qorannoo Walfakki	25
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA		27
3.1.	Saxaxa Qorannichaa	27
3.2.	Madda Ragaalee	27
3.3.	Mala Funaansa Ragaalee	27
3.3.1.	Sakatta'a Barjaalee	28
3.3.2	Afgaaffii	28
3.4.	Mala Iddateessuu	29
3.5.	Tooftaalee Qaaccessa Ragaalee	30
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE		31
4.1	Qaaccessa Ragaalee Caasaan Walqabatan	31
4.1.1	Dogongora Qubeewwanii	31
4.1.1.1	.Qindaa'ina dubbachiiftuu dheeressuufi gabaabsuurratti hanqina jiru	31
4.1.1.2	Qaaccessa qubee dubbifamaa jabeessuufi laaffisuu	33
4.1.1.3	Qubeewwan Dubbifamaa Gosa Tokkoo Lama Jalqabaafi Dhuma Jechaarratti Fayyadamuu	35
4.1.2	Qaaccessa Fayyadama Jechootaa	36
4.1.2.1	Fayyadama Duraaduuba Jechootaa	36
4.1.2.2	Jechoota Mijatoo Hintane Fayyadamuun walqabatee	37

4.1.2.3 Walqabsiistuu 'Fi' Akka Ofdanda'atti Fayyadamuu	39
4.1.2.4 Qaaccessa Dhaabbii Dhabuu Jechootaa	40
4.1.2.5. Qaaccessa Irra Deddeebii Jechootaa	41
4.1.2.6 Haala Ittifayyadama Gabaajee	41
4.2 Qaaccessa Ragaalee Jijjiirraan Walqabatan	42
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO	45
5.1 Guduunfaa	45
5.2 Argannoowwan	45
5.3. Yaboo	47
WABII	
DABALEE	
DABALEE B	
DABALEE -C	
DABALEE – D	

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Afaan qabeenya hawaasni ittin yaada ibsataniifi ittiin waliigalaniidha. Kunis Afaan bifa barreeffamaafi haasawaatin fayyadamuun ittiin of ibsu. Bifa lachiinuu akkaataa miidhagina qabuun afaanitti fayyadamuun yaada, fedhii amantiifi falaasama qaban, akkasumas dhugaa jireenya hawaasaa ittiin ibsuu danda’u. Afaan kanneen keessaa tokko Afaan Oromooti. Afaan Oromoo afaan ummata hedduun dubbatamuudha. Yaada kana Warquun (2005:1) akka ibsetti, ‘Afaan Oromoo afaan saba bal’aafi afaanota gaanfa Afrikaa keessatti bal’inaan dubbataman keessaa isa tokko yoo ta’u, sadarkaa sadaffaa irratti argama.’ Jedha.

Ittidabaluun Abarraan (1995:1) yoo ibsu, “Afaan Oromoo maatii Afiroo Eeshiyaa keessaa isa afaan kuushi jedhamu keessatti argama.” Jedha. Yaadota armaan olii kanneenirraa kan hubatamu Afaan Oromoo afaan maatii Afiroo Eeshiyaa keessaa dame kuushi jalatti kan ramadamuufi afaan ummata hedduun dubbatamu ta’uusaati. Kana malees, Afaan Oromoo Impaayira Itiyoophiyaa keessatti afaan kaabaa kibbatti, bahaa dhiyaatti Wolloo kaabaa hanga keeniyaa kaabatti bal’inaan kan dubbatamuudha. Gragg (1976:166).

Afaan Oromoo namoota miliyoona 40 oliin akka dubbatamu, ardii Afrikaa keessatti Afaan dhalootaan dubbataman keessaa sadarkaa lamaaffarratti argama. Ummata Afaan Kuushii dubbatan keessaa harka sadi keessaa harki lamaa oliin kan dubbatamu, Adunyaa keessatti dame Afaan Afiroo Eeshiyaa keessatti bal’inaan dubbatamurratti sadarkaa sadaffaarratti argama Makuriyaa Baalchaa (1995:16) jechuun Afaan Arabaa, Afaan Kuushiifi Afaan Kisuwaalii Afaan biyya ormaa yoo ta’an, Afaan Oromoo sadarkaa lamaaffarratti argama. Afaanota Kuushii keessaa Afaan Oromoo Afaan saba baay’een dubbatamu yoo ta’u, ummata miliyoona 60 ta’utu dubbata.

Afaan kun carraa barreeffamaan guddachuu osoo hinargatin hanga jaarraa 19ffaa tti ture Makuriyaa Bulchaa (1995:36). Yeroo jedhame kanaa kaasee beektota biyya hedduun Afaan Oromoon barreeffamuu nidubbatu. Kanamalees, dhalataa Oromoo kan ta’an Onesmos Nasiibiifi Asteer Gannoo kitaabolee adda addaa qubee Saabaatiin gara Afaan Oromootti kan hiikaniifi ofii isaanis maxxansansiisuu isaanii Asafaa Taffarraa (2009:72) nibsa. Afaan Oromoo barreeffamuu

kan eegale bara 1842 tti Gragg (1995) .Yeroo sanaa eegalee barreeffamoonni garagaraa bal'inaanbarreeffamaa turanii, barreeffamaas jiru.

Barreeffamoota Afaan Oromoo ittiin barreeffamu keessaa tokko barreeffama barjaa magaalota keessatti argamaniifi kanneen waajjiraalee mootummaa naannoo oromiyaa hundaa keessatti itti fayyadamaniidha. Haala kanaan kan ittifayyadaman keessaa inni guddaan barreeffama barjaaleeti. Barreeffamaan yaada ykn ergaa dabarfachuuf immoo, qubee afaan tokkoo kan ummanni irratti waliigaluufi seera barreeffama afaanichaa beekuun murteessadha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Adeemsa hojiirra oolmaa Afaan Oromoorratti darbee darbee hanqinoonni calaqisan nijiru. Hanqinoonni sunniin keessattuu barreeffama barjaalee irratti bal'naan mul'atu. Kanumarraa kan ka'e qoratichi qorannoo mata duree"qaaccessa barreeffama barjaalee Afaan Oromoo gama ija caasaafi jijjiirraatin"adeemsisee jira.

Sababoonni qoratichi mata duree kanarratti akka hojatuuf kakaasan keessaa inni duraa barreeffamoonni kunniin bakka namoonni hedduu arguu danda'anirratti argamurraa kan ka'e namoota hedduun waan dubbifamaniif, hanqinichi caalatti akka babal'ifamu ta'uusaattuu isatti dhaga'ameeti. Sababniinni biroo immoo barjaaleen magaalaa Itayyaa keessatti argaman gabateerratti sirreeffamani yoo hinbarreeffamin guddina Afaan Oromoorratti gufuu ta'uu danda'u jedhee waan yaadeefi.

Rakkoowwanuma kanarraa kan ka'e qoratichi qorannoo adeemsise keessatti gaaffilee bu'uuraa deebii ni argatu jedhee kaawwate isaan armaan gadiiti.

1. Ittifayyadama caasaafi haalli jijjiirraa barreeffamoota barjaalee Afaan Oromoo Magaalaa Itayyaa keessa jirani maal fakkaata?
2. Sababoonni bu'uuraa hanqina caasaafi jijjiirraa barreeffamoota barjaalee Afaan Oromoo magaalaa Itayyaa kana geesisan maalirraa maddu?
3. Hanqinoonni caasaafi jijjiirraa barreeffamoota kanaa dhiibbaa maal maal geesisuu danda'u?
4. Yaadni furmaataa hanqinoota kana sirreessuu danda'u maal ta'a?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kutaa kana keessatti kaayyoo gooroofi gooree qorannoon kun gaggeefameetu eerama.

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa akka waliigalatti barreeffama barjaalee Afaan Oromoo Magaalaa Itayyaa gama caasaafi jijjiirraatin qaaccessuudha.

1.3.2 Kaayyoolee Gooree

Kaayyooleen gooree qorannoo kanaa immoo akka armaan gadii kana ta'u. Isaanis:

1. Ittifayyadama caasaafi akkaataa jijjiirraa barreeffamoota barjaalee Afaan Oromoo magaalaa Itayyaa addaan baasuu;
2. Hanqinoonni ittifayyadama caasaafi jijjiirraa barreeffamoota barjaalee Afaan Oromoo magaalaa Itayyaa keessatti argamaniin walqabatani uumamaniif madda isaanii eeruu;
3. Hanqinoonni ittifayyadama caasaafi jijjiirraa barreeffamoota barjaalee Afaan Oromoo magaalaa Itayyaa keessatti argamanii kunniin dhiibbaa akkamii akka fidan tarreessuu;
4. Rakkoowwan caasaafi jijjiirraa barreeffamoonni barjaalee Afaan Oromoo magaalaa Itayyaa keessatti argamanirratti mul'ataniif yaada furmaata ta'uu danda'u addaan baasuu;

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Akka qoratichi kaa'etti qorannichi kun faayidaalee hedduu qabaatullee, isaan san keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

- Bu'aan qorannoo kanaa qaamota Afaan Oromootin mata duree kannaan walitti dhiyaaturratti qorannoo adeemsisuu barbaadaniif hubannoo gahaa kennuurra darbee akka yaada ka'umsatti ni tajaajila
- Hojii waaltina barreeffama Afaan Oromoo keessatti tarkaanfii tokko gara fuula duratti tarkaanfachiisurra darbee qaamota dhimma kana too'ataniif ni fayyada.
- Hanqinoonni jiran yoo hir'ataa deeman barreeffamni Afaan Oromoo ammaan booda barreeffamu akka guddatu gahee guddaa taphata.

1.5. Daangaa Qorannichaaa

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu “qaaccessa barreeffama barjaalee Afaan Oromoo Magaalaa Itayyaa gama ija Caasaafi jijjiirraatin” kan jedhurrattiidha. Kaanaaf qorataan mataduree qorannaa kan daangeffate waasadirratti hundaa’eti. Isaanis: karaa Iddoo qorannoon ittigaggeeffamu, karaa caasaafi hiika jijjiirraatin, karaa yeroo jijjiirraan ittigaggeeffameedha. Kanaafuu iddoon qorannoon ittigaggeeffame Magaalaa Itayyaa yoo ta’u, Caasaafi jijjiirraan walqabatee caasaafi haala jijjiirraatin immoo caasaalee barjaalee qubeerraa hanga himaatti jiraniidha. Akkasumas yeroo qorannoon kun ittigaggeeffame fulbaanaa hanga ji’a hagayyaa gidduutti ta’uu ragaan nimul’isa.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Hojii qorannoo “Qaaccessa barreeffama barjaalee Afaan Oromoo ija gama caasaafi jijjiirraatin jedhu kana keessattis hanqinoonni armaan gadii qoraticha mudateera. Isaan keessa hangafoonni; qorannoo yeroo adeemsisu, qaamonni mootummaas ta’ee abbootiin qabeenyaa dhuunfaan barjaalee suuraan kaafamee akka fudhatamuuf fedhii dhabuu, qaamonni dhimmi ilaallatu kan odeeffannoo kennuu qaban odeeffannoo qulqulluufi amanamaa kennuurratti of kennuu dhabuudha.

Haaluma kanaan qoratichis rakkoo yeroo waliin walqabatee yeroo boqonnaa ofii duguugee itti fayyadamuun kan fure jira. Barjaalee suuraan kaauun dhorkamaniif ammoo qoratichi yaadannoo dhuunfaa qabachuun ragaan walitti qabateera. Dhumarrattis hanqina gama odeef-kennitootaan isa qunnames kaayyoofi galmasaa ibseefi amansiisuun furee jira.

1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoo kana keessattiqoratichi yaadrimee sirna barreeffama Afaan Oromoo caasaafi, maalummaa barreeffama teeknikaa/barjaa/, amala, gosaafi faayidaa isaa bal’inaan addeessuun rakkoolee kanaan walqabatani barreeffamoota barjaalee magaalaa Itayyaa keessatti mul’atanii akkamitti akka furamuu qaban balballoomsee jira.

Qorannon kun haalli qindoomina isaa yoo ilaalamu akka waliigalatti boqonnaa shan of keessaa kan qabuudha. Boqonnaan tokko seensa yoo ta’u, Innis; Ariirrata qorannichaa, Ka’umsa qorannichaa, Kaayyoo qorannichaa, Faayidaa qorannichaa, Daangaafi Hanqina qorannichaa kan

of keessatti hammatuudha. Boqonnaan lammaffaa immoo barruulee mata duree kanaan walitti hidhata qaban saktta'amuun dhiyaatan ofkeessatti qabachuun adeemsa qorannichaa kan murteessaniidha. Boqonnaa sadaffaa kan ta'e immoo mala qorannichi ittiin gaggeeffame yoo ta'u; Akkaataa maddi qorannichaa ittiin filatame, Meeshaaleen raga funaanuuf tajaajilaniifi itti qaacca'an kan balballoomsuudha. Kutaan inni itti aanu immoo boqonnaa araffaa yoo ta'u; kunis ragaaleen funaanaman kan keessatti qaacca'uun hiika argataniidha. Kutaan inni dhumaa boqonnaa shanaffaan hojii waliigalaa qorannichaa kana keessatti cuunfamuun yaadni furmaataa argamaniifi yaboon keessatti kaa'ameedha.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

2.1 Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Sakatta'a barruu jechuun yaada hayyoota adda addaati. Kunis akkuma mataduree qorannicha garagaraa ta'u yaada hayyootaa sakatta'uurratti kan xiyyeeffatuudha. Kanaafuu, boqonnaa kana keessatti waa'ee mata duree qorannichaa ilaalchisee yaadni beektotaa sakatta'amee jira. Qorataanis, yaada hayyootaa kana bifa qindaawaa ta'een tartiibaan akka itti aanuttidhi'eessee jira

2.1.1 Fayyadama Afaanii Barreeffama Barjaalee Keessatti

Afaan barjaaleef itti fayyadamnu ergaan karaa sirrii ta'een akka darbu taasisuuf shoora olaanaa kan qabuudha. Qabbanni isaas, afaan maloota beeksisoonni barjaalee ittiin darban keessaa isa tokkoodha. Barjaaleen yaadaafi qalbii maamiltootaa hawwachuuf, filannoo jechootaa kan barbaadudha. Kunis akka itti aanutti dhiyaatee jira. Hiika barjaalee ilaalchisee, hayyuun Gragg (2000) akka ibsetti, "barreeffamni barjaalee gosoota barreeffamaa keessaa isa tokko ta'ee, baay'inaan magaalota keessatti odeeffannoo addaa addaa dabarsuuf kan hojii irra ooludha," jedha. Dabalataan, barjaaleen akka fakkii ykn fiilmii fi barreeffamootaa ta'anii waa'ee hojii fi oomishaa kan namatti himaniidha Bagga. (2007). Kanumaan walqabsiisee, Bovee (1989:5) yoo ibsu, "advertising is the non personal communication, usually paid for and usually persuasive in nature ,about products, services or ideas by identified sponsors through various media," jedha. Yaadni hayyuu kanaas, barjaaleen odeeffannoo dhuunfaa ta'uu akka hin qabne, waa'ee meeshaalee, tajaajilaa fi yaadota bifa addaa addaatti gargaarramuudhan kan namatti agarsiisuuf hojjetaman ta'uu hubanna.

Yaaduma kana cimsuun Wells and etal (2000:16) akkanatti ibsan, "advertising paid nonpersonal communication from an identified sponsor using mass media to persuade or influence an audience," jechuun haaluma walfakkaatun barjaaleef hiika kennan. Gabaabumatti hiikni warri kaan kennanis hiika olitti kennameen walfakkaatu. Asirraa kan hubannu, barjaaleen walqunnamtii dhuunfaan raawwatamu akka hin taaneefi maamiltoota amansiisuuf kan gargaaru ta'uutu hubatama. Kana malees odeeffannoon toora intarneetii <http://www.irs.gov/business/index.html/yoo> ibsu, "advertising presents the message to your customer that your product or service is good and desirable," jedha. Yaada kanarraa kan hubannu beeksisni ergaa sirrii ta'eefi waa'ee

tajaajila isaa maamilaaf kan ibsu ta'uusaati. Walumaagalatti, yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu yaanni hayyoonni barjaalee irratti kennan kunniin kan wal irraa hin fagaannedha.

2.1.2 Maalummaa barreeffama teeknikaa

Barreeffamni teeknikaa yaada bal'aa kan ilaalu waan ta'eef hiikaan isaa akaatuma gosa isaatin hayyoota muummee garagaraatin qorannoof akka isaaniif tulutti hiikamee jira. Akaakuwwan muummee hayyoonni hiika barreeffama teeknikaatti kennan san keessaa kan hayyoota qo'annoo ogummaa daldalaa irratti boba'an kennan yoo ilaallu: Yaadni toora intarneetii www.asminternational.org jedhurratti waa'ee maalummaa barreeffama teeknikaa ilaalchisee jiru qorataan yaada ofiitin cuunfee kaayu; Barreeffama Teeknikaa jechuun gosa barreeffamaa keessaa isa tokko ta'ee kan namoonni hojii daldalaafi waan biraa irratti bobba'an jechootaafi himoota filatamoofi hawatamoo ta'aniin maamiltoota gara dhimma isaannii sanitti akka dhufaniif ittiin waamuuf fayyadamaniidha

2.1.3 Gosoota barreeffama teeknikaa

Barreeffamni teeknikaa yaada bal'aa gosoota hedduu kan akka sanada saayinsii, Injireengiifi ogummaa daldalaa ofi keessatti hammata. Gosoonni gurguddoon barreeffama teeknikaa keessatti argaman bakka gurguddoo afuritti quudamuu isaanii toorri interneetii www.asminternational.org jedhu akka armaan gadii kanatti kaa'uu ragaan nimul'isa.

- Gabaasaafi walqunnamtii guyyaa guyyaa hojii bizinesiifii
- waraqaa teekinikaa, barruulee, kitaabileefi qorannoowwan barnootaaf barbaachisan, barsiisuu, akkasumas odeeffannoofi beekumsa waliif qooduu
- Labsii qabiyyee abbummaa(patents)
- Maanuwaalii kallattii hojii, qajeelfama ykn adeemsa jechuun kaa'a.

Barreeffamni teekinikaa baay'een bizinasii guyyaa guyyaa keessatti qophii gabaasawwan adda addaaf ni tajaajilu. Gabaasawwan barreessuun namoota barreeffama teekinikaa barreessan biratti baay'ee beekamaadha. Sababnisaas gabaasawwan qaama/kutaa ijoo guddina teeknoolojii waan ta'eef dhaabbanni muraasni ogeessota teekinikaaf mindaa kafaluun osoo jechoota hin barreessin hojjatameef guddina/jijjiirama raawwachiisuuf madaallii gaggeessa

2.1.4 Amaloota barreeffama teeknikaa

Barreeffamni teeknikaa barreeffamoota biraa irraa amaloota adda isa godhan qaba. Isaanis:

- Dhimma tokkorratti xiyyeeffata
- kaayyoo qaba
- Galma qaba
- Odeeffannoo dhugaa, qabatamaafi gahaa dabarsaa
- Dhimma nama dhuunfaaf ofeegannoo godhaa
- Yaadni isaa fagoofi bal'aadha
- Dhimma ibsuu barbaaderratt xiyyeeffataa
- Yeroo kennameef keessatti wanta qabatamaafi bifa beekumsa waalta'aa ta'een odeeffannoodabarsaa
- Ergaa dabarsu keessatti ofeegannoo godha

2.1.5 Faayidaa Barreeffama Teeknikaa

Barreeffamni teeknikaa faayidaalee hedduu qabaatullee isaan san keessaa muraasni kan armaan gadii kana ta'u.

- Onnachiisuuf
- Ofitti amansiisuuf
- Muuxxannoo qooduuf
- Barsiisuuf
- Ogummaawwan beekumsaa dabarsuuf jechuun toora intarneetii www.asminternational.org kan jedhu tarreessee jira.

2.2. Caasaa Afaan Oromoo dhamsagaa hanga gaaleetti

Caasaan Afaan Oromoo akkaataa dubbatamuun hinbarreeffamu taanan jechoonni qubeeffaman hiika dhabeessa ykn hiikni isaanii geeddaramuu waan danda'uuf, ergaa darbuu barbaadame ni gaaga'a. Akkasumas namoota seera afaanichaa beekan biratti hubatamuu dhiisuu danda'a. Kana ilaalchisee Addunyaan (2010: vii) yoo ibsu," barreessitoonniifi hojjatoonni waajjiraalee mootummaa, caasaa Afaan Oromootti fayyadamurratti hanqina qabu. Hanqinni caasaa immoo ergaa darbu sana gaga.' Jedha.

Sadarkaa hundattuu caasaan afaan tokkoo maqnaan, ergaan darbuu barbaadame hanga barbaadameen darbuu hindanda’u.Kun immoo, walqunnamtii gufachiisa. Kanaafuu beekumsaafi ittifayyadama caasaa afaanii gadi fageenyaan qabaachuun beektota sadarkaa kamiifuu barbaachisaadha.

Crystal.(1997) duraaduuba jechootaa ilaalchisee yoo ibsu,’’ incomparing word order across languages, it is important to appreciate that what is being compared is the ‘basic ’or’ favorites’ pattern found in each language,’’ jedha. Yaada kanarraa kan hubachuun danda’amu duraaduubni jechootaa afaan adda addaa keessatti akkaataa tajaajilaafi hiikaa kennuun akka qabu hubanna.

Maddi dogongoraa inni biraa haala tajaajia dhamjechootaati.Unki xiinqooqaa (linguistics form) ykn dham jechi tokko tajaajila tokko oliif ooluu danda’a.Kanaafuu, caasaa Afaan Oromoo keessatti unki xiinqooqaa tokko tajaajila tokko oliif, tajaajilli tokkos unka xiinqooqaa tokkoo oliin mul’achuu danda’a.Beekumsa caasaa akkanaa dhabuun ammo fayyadamurratti dogongora waan uumuuf, hiikaa jechootaa nijjjiira.

2.2.1 Dogoggora Qubeessuu

Sirni barreeffama Afaan Oromoo qubeessuun walqabatee yoo ilaalamu barreeffamni tokko barreeffamee namootaan waliigaluun kan danda’amu sirni qubeessuu seeraan yoo raawwatame qofaadha.Kana ilaalchiseeclark and etal (1994:51) akka itti aanuttiibsus,

One of the keys to successful communication is correct .In writing a misplaced word can detract the reader from content of the message and cause misunderstanding.Incorrect spelling may also cause embarrassment because it lowers the writer’s image in the reader’s mind.proper spelling, therefore,is basic to effective communication.Clark and etal (1994:51)

Yaada kanarraa kan hubatamuun danda’amu walqunnamtii barreeffamaan taasifamuuf qubeessuun iddoo olaanaa kan qabu yoo ta’u, dogongorri dafee qubeessuun uumamu ergaa barbaadame karatti hambisuu caalaa barreessaa kan qeeqsisu ta’uusaati. Kanaafuu qubee sirnaan fayyadamuun walqunnamtii barreeffamaan taasifamu keessatti murteessaa ta’uusaa mirkaneessa.

Qubeessuu mallattoo waliigalameefi fayyadama afaanii fudhatama qabuun qubeewwanitti gargaaramuun jechoota ijaaruudha. Yaada kana Todd.(1986:434)haala kanaan ibsa,’’spelling involves the forming of words with letters according to convention and accept usages,’ jedha.

Yaanni kun kan ibsu qubeessuun adeemsa jechoota ijaaruuf taasifamu ta'ee fayyadama keessatti qubeewwan afaanichaaf irratti waliigalameen kan bakka bu'amuudha. Kun kan agarsiisu qubeessuun seera afaanin kan hoogganamu yoo ta'u, seericha cabsinaan hiikni waan jijjiiramuuf, rakkoon walqunnamtii akka uumamu taasisa.

Incorrecting spelling incur several social penalties. Similarly, repeating spelling error in writing can irritate the readers. They can even give up reacting to the written text assuming that writers are poorly educated, careless and impolite in their writing. There is always a race between writer and reader in which the writer can never win if readers even do not run. So, writers have to do a lot before what they write becomes accessible to the readers James et al. (1993:287).

Addaa addummaa qubeessuu barreeffamoota keessatti sadarkaa garagaratti ni mul'ata. Wiirtuu jildii-10 (2005:100) irratti waa'ee addaaddummaa qubeessuu yoo ibsu maxxantoota akka (-tti,-irra/irraa,-dha, immoo) bamaqaaakka (isaa) xumuratumsituu (-ti,-dha) fi kanneen biroon haala wal hinfakkaanneen qubeeffamaa jiru. Kun immoo garaagarummaa hedduu kan uumu ta'uus Spolsky'n akka itti aanutti ibsa.

In general spelling seems an ideal task for language management. Without regulation, practice can easily lead to endless variations, as writers attempt their to represent their own dialect idiosyncrasies, or miremember the etymologies underlying morphemic system Spolsky. (2004:34).

Yaada armaan olii kanarraa kan hubachuun danda'amu fayyadama afaanii keessatti garaagarummaa jechoota qubeessuu kan mul'atuudha. Garaagarummaan kun ammo maddoota adda addaarraa kan burqan yoo ta'aniyyuu, jecha yaadrimee tokko baatu garagaraa qubeessuun ergaandarbuu barbaadame ni gufachiisa. Kanaafuu akkaataa looga naannoo ykn sbaba bu'uuraa hiqabneen qubeeffamuu osoo hintaane akkaataa caaslugna afaanichaan qubeeffamuu qaba

2.2.2. Dhiibbaa Dogongorri qubeessuu walqunnamtiirratti qabu

Rakkoo qubeessuu keessatti kanneen hammataman akka Gorrel. (1967:216), ibsutti dogongora barreessuu amaleefachuu, dhiba'ummaan sagalootaa addaan baasuu dhabuu, jechoonni tokko tokko walfakkaachuufi maxxantoota duraafi duubaa addaan baasuu dadhabuudha. Hanqinni qubeessuu qabiyyee barreeffamichaa hubachuuf dubbistoota kan danqu ta'uufi akka dhibaa'ummaatti kan fudhatamu ta'uu Rosafi warri biroo (1996:103) yoo ibsan, "poor spelling distrust the reader from the content of your writing and gives a general impression of carelessness," jedhu. Akka Diyannifi warri biroo ibsanitt jechoota tishoo qubeessuu keessatti

garaagarummaan ni mul'ata. Garaagarummaan kunnis, jechoonni tishoo tokko tokko akka jecha tokkootti yoo barreeffaman, gariinakka jecha garagaratti barreeffamu. Warri kaanammoo sarara xiqqaa gidduu seensisuun barreessu. Kunnis rakkoo sirnaan qubeessuu keessaa tokko yoo ta'u, hiika waan jijjiiruuf ergaa darbuu barbaadamerratti dhiibbaa geesisa.

Gama birootin, Robitaille and etal (2002:321) qubeessuun ogummaa bu'uura ta'uu tuquun: dogongora qubeessuun dubbistoota dogongorsiisuurra darbee kan dhamaasu ta'uu ibsa. Kun kan addaessu dogongorri caasaa bifa akkasiin uumamu gama tokkoon hiika kan jijjiru yoo ta'u, gama biroon immoo hiika waan dhabsiisuuf dubbisaan ergaasaa akka hinhubanne taasisa.

Haaluma walfakkaatun dhiibbaa dogongorri qubeessuu ittifayyadama afaanirratti qabu Guta (1981:1) yoo ibsu, "incorrect spelling contributes to effective language use in writing. This is mainly because accurate spelling may be one manifestation of general proficiency in language." Kanarra kan hubatamuun danda'amu namni tokko beekumsa afaanichaa qaba kan jechisiisu keessaa agarsiistuu guddaan qulqullinaan qubeessuu isaati. Sababiinsaas, dogongorri qubeessuu qulqullina barreeffama tokkoorratti dhiibbaa guddaa geesisa.

Walumaagalatti, dogongorri qubeessuu walqunnamtii barreessaafi dubbisaa gidduu jiru waan harcaasuuf ergaan barbaadame akka hindabarre, ykn ergichi bifa hinbarbaadamneen ykn faallaan akka hubatamu taasisa.

2.2.3 Dhamjecha

Dhamjechi qaama xiqqaa afaanii kan hiika qabuu, kan unkaawwan hiika qaban birootti ciccituu hindandeenyeefi dhamjecha dhaabbataafi hirkataatti qoodamu ta'uu isaa hayyoonni afaanii nikaa'u Crystal. (1987) fi Yule. (2006).

Dhamjechi immoo dhamjecha jedhamuuf hiika qabaachuu akka qabuufi qaama xiqqaa afaanii hiika qabuudha jechuun O'Grady (1996:112) yoo ibsu "Morpheme is the smallest unit of language that carries information about meaning and grammatical function," jedha.

2.2.3.1. Dhamjecha walabaa

Dhamjecha walabaa jechuun kan kophaasaa dhaabbachuun hiika qabuudha. Afaan Oromoo keessatti dhamjechi kun, dhamjecha hiikaafi dhamjecha tajaajilaa jedhamuun iddoo lamatti qoodamu. Itti fufuun Addunyaa (isuma) dhamjechi hiikaa kanneen qabiyyee mataa ofii

qabaachuun iddoo antimaa galan yoo ta'an, dhamjechi tajaajila akkuma dhamjecha walabaa of danda'ee kan dhaabbatu ta'ee, hiika mataa ofii kan hin qabneefi tajaajila tokkoof kan dhaabbatu ta'uusaa addeessa. Yaada kanarraa kan hubachuun danda'amu dhamjechoonni walabaa qabiyyee mataa ofii kan hin qabneefi tajaajila tokkoof kan dhaabbatu ta'uusaa addeessa. Yaada kanarraa kan hubachuun danda'amu dhamjechoonni walabaa qabiyyee mataa ofii qabaachuufi of danda'anii kophaa dhaabbachuusaaniti.

2.2.3.2 Dhamjecha Hirkataa

Dhamjechi kun ofdanda'ee kan hindhaabanne yoo ta'u, dhamjecha walabaatti hirkachuun tajaajila seerlugaafi tajaajila yaasaa kennuudha. Dhamjechi hirkataan bu'uura bakka argamsaatiin duree (prefix), giddee (infix), (naannee (curcumfix) fi duubee (suffix) jedhamuun qoodamu. Qooddiin dhamjechootaa kanaan dura Afaan Oromoo keessatti bakka lamatti qoodamuun kan beekamu yoo ta'u, kanneen fufii giddeefi naannee jedhaman dhamjechoota hirkataa jalatti ramadamaniiru, Addunyaa (2011).

Haaluma walfakkaatuun akkaataan fayyadama dhamjechoota kana maal akka fakkaatu qorannoo kana keessatti qaacca'ee jiru. Kunis dhamjechoonni kunniin dhamjecha walabaatti hirkachuun barreeffamu qabuu, moo of danda'anii barreeffaamuu qabu kan jedhuuf, Askale (1998:329) daangaa jechootaa barreeffama Afaan Oromoo ilaalchisee akkana jetti, "In the Oromo written materials, word boundaries seem to be random and inserted at the whim of each writer," jetti. Yaada kanarraa barreeffamoota Afaan Oromoo keessatti daangaan jechootaa dhaabbii kan hin qabneefi fedhii barreessaarratti hundaa'ee kan dhimma itti bahamu ta'uu hubanna. Akka Askale (ishuma) jetutti gareen jechaa tokko walitti dhufuumoo of danda'ee barreeffamuu qaba? Yaada jedhu murteessuuf ulaagaa hiikaa, caaslugaafi odeeffannoo xiinsagaa addaan baasanii beekuun barbaachisaadha. Ulaagaa hiikaa kan jedhaman gareen jechaa tokko kophaa dhaabbatee ergaa dabarsuu danda'uusaati. Ulaagaa caaslugaa keessatti gareen jechaa tokko iddoodha socho'ee hiika qabaachuu yoo danda'eedha. Ulaagaa xiinsagaa keessat timmoo gareen jechaa tokko kophaatti adda ba'ee kan dubbifamu yookiin sagaleeffamu (pronounce) yoo ta'eedha.

Akka ibsa kanaatti kanneen ulaagaalee dhiyaatan kana guutan of danda'anii kophaa dhaabbachuun barreeffamuu kan danda'an yoo ta'an, kanneen ulaagaalee dhiyaatan hinguunne maxxanfamanii yookiin hirkatanii kan barreeffaman ta'uu hubanna. Afaan Oromoo keessatti

haala kanaan kanneen ilaalaman gochima, -dha,-ti-, hi'eentaa (-ve) mul'istuuf kan oolu „hin-‘, eeyyentaa (+ve) kan agarsiisu „ni-‘fi kkf kaasuun ni danda'ama. Kanneen durduubee ta'an; -f,-dhaan, -n,-irra,-tti, walqabsiistuu-, fi akka fakkeenyaattii kaasuun ni danda'ama. Kanneen hundi barreeffama Afaan Oromoo keessattin ofdanda'anii dhaabbachuu kan hin dandeenye ta'uu ulaagaaleen tarreeffaman ni mirkaneessu.Dhamjechoonni hirkatoon Afaan Oromoo keessatti lakkoofsaan hedduu yoo ta'an, isaanis tajaajila seerlugaa garaagaraatiif kan dhaabbataniidha. Dhamjechoota kana keessaa dhamjechi mul'istuu abbummee tokko. Dhamjechi kun Afaan Oromookeessatti maqaarratti maxxanuun tajaajila abbummee kan kennu yoo ta'u, Afaan Oromoo keessatti dubbachiistuu dheertuun (-aa, -ii,-oo,-uu) kan mul'atuudha. Yaata'u malee tajaajilli dhamjechi tun kennitu kana caaluu danda'a. Sababiin isaas dhamjechoonni uunkaan tokko ta'uun tajaajilaan garaagaraa ta'uu danda'a, Addunyaa (2010).

2.2.4 Hiikkaa Gaaleefi gaalee maqaa

Gaaleen walamannaa jechootaa ta'ee, ulaagaa sochoo'insaa, walhidhiinsaafi bakka bu'iinsa guutuun caasaa himaa keessatti kan argamuudha. Caasaan gaalee ulaagaalee kanaan argamu tokko miseensota maqaa, tajaajilaa garaagaraa qaban irraa ijaaramu. Maaqa isaanitiin: mataa,miiltoofi murteeswsituu jedhamu. Iddoo qubatanis akaakuu gaalee irratti hundaa'uu adda ta'anillee Afaan Oromoo keessatti mataan gaalee kallatti bitaan yookiin mirgaan argamuu nidanda'a. Mataan gaalee caasaa gaalee keessaa hafuu kan hidandenyeeffi gosa gaalee sana kan murteessudha. Kanaa jechuun caasaa gaalee keessaa miiltoofi murteessitoo jiraachuus hafuus nidanda'u jechuudha. Kanaafuu, gaaleen tokko mataa yookiin mataafi miiltoo irraa ijaaramuu danda'a.Kun immoo, jechi mataa gaalee ta'ee sun bakka jecha osoo hintaane bakka gaalee qabatee argamuu mul'isa Addunya (2010).

Caasaan gaalee yoo xiqqaate mataa qofaan yoo baay'ate immoo, miiltoowwaniifi murteessitoota qabaachuu danda'a. Jarri kun immoo, immoo gosa gaalee irratti hundaa'uun garaagarummaa agarsiisu. Haaluma walfakkatuun gosoota gaalee keessaa xiyyeeffannaa kan argate gaalee maqaa waan ta'eef gaaleen maqaa akka armaan gadii kanatti baibalomeera. Gaaleen maqaa gosoota gaalee keessaa tokko yoo ta'u, qindaa'ina gaalichaa keessatti maqaan mataa gaalichaa ta'uun yoo galeedha. Gaaleen maqaa caasaa maqaa yookaan bamaqaa taasifachuun ijaaramuudha. Addunyaa(2014:84).

Haaluma wal fakkaatuun gaaleen maqaa miseensota matichaarraa gara mirgaatti argaman horachuun caasaa guddaa ijaarrachuu danda'a. Akkaataa qubannaa miseensota kanaas akkaatuma firooma qabaniin mataatti dhiyaachuufi irraa fagaachuun argamu. Haa ta.u malee miseensonni yoo qubatan caasaan isaanii hiika gaalee sanaa kan faanu ta'uu qaba. Kana jechuun miseensonni gaalee sanaa akkaataa hiika guutuu gaalicha keessatti dabarsuu danda'uun dhamjechoota hortees ta'ee, yaasaa maxxafachuu danda'u. Kanumarraa ka'uun barjaalee magaalaa Itayyaa keessatti argaman gaaleen isaan irraa ijaaraman maal akka fakkaatan ilaallamaniiru.

Walumaagalatti gaaleen caasaa Afaan Oromoo kan barjaalewwan Afaan Oromoo irraa ijaaramuu danda'an keessaa tokko waan ta'eef, barjaalewwan Afaan Oromoo Magaalaa Itayyaa kan adeemsa gaaleen ittiin ijaaramuu qaban eegee barreeffamee miti. Kun immoo ergaa barjaan sun dabarsuu barbaade dabarsurratti hanqina qabaachuu mul'isa.

2.3 Hiikaafi Akkaataa Dhufaatii Jijjiirraa

Jijjiirraa jechuun akka waliigalaatti yaadaaf beekumsa afaan tokkorraa afaan biraatti ceesisuu jec huudha. Afaanichi barreeffamaa yookiin haala dubbiitiin akkasumas mallattoodhaan (mallattoo warra gurraan hin dhageenyee) ta'uu danda'a Cristal (1987) Nidafi Taber (1982) jijjiirraaf hiika yoo laatan, jijjiirraan hiikaafi ergaa barreeffama AM irraa gara AJ tti dabarsuudha. Akka hiikaa kanaatti xiyyeeffannoo guddaan jijjiirraa keessatti ergaa dabarsuudha Haaluma walfakkaatuun Wills (1982) jijjiirraaf hiika yoo kennu, jijjiirraan adeemsa barreeffamaa AM tokkgara AJtti akkaataa mijataa ta'een, yaada walgituu danda'u bakka buusuun hiikuurratti kan xiyyeeffatuufi ga'umsa barreeffamoota afaan maddaa xiinxaluu kan gaafatuudha. Jijjiirraa ilaalchisee Newmark (1988:7) hiikaa yoo kennuuf, jijjiirraan ogummaa ergaa barreeffamaa yookiin yaada afaan tokkoo haala walfakkaatuun ergaa yookiin yaada sana afaan biroottiin bakka buusuudha. Akka hiikaa kanaatti jijjiirraan ergaa walfakkaatu dabarsuurratti kan xiyyeeffatu ta'uu addeessa. Omnes (1996) jijjiirraa yoo ibsu, jijjiirraan ergaa barreeffama tokkoo afaan tokkorraa afaan birootti qaxxaamursuudha.

Hiikaafi akkaataa xiyyeeffachuun Nida and etal (1974:57) yoo ibsan, jijjiirraan ergaafi haala barreeffamaarratti hundaa'uun afaan maddaatiin akka walmadaalutti afaan biroottiin ergaa dabarsuudha. Kun kan agarsiisu jechoota adda addaa haafayyadamnuuyyuu malee, yadrimeen bu'uuraa walfakkaachuu qaba. Kunis hojiin jijjiirraa afaan tokkorraa afaan birootti ergaa dabarsuu kan jedhuudha.

Walumaagalatti hiikawwan jijjiirraarma olii kun garaagarummaasaarra walfakkeenyaasaaniiwaan caaluuf, jijjiirraan kan adeemsifamu afaan lama (AMfi AJ) gidduutti yoo ta’u, adeemsa keessatti ammo xiyyeeffannoo guddaan ergaa AM irraa AJtti ceesisuudha. Ergaan darbuuf ammo adeemsi jijjiirraa keenyaa bu’uura hiikaa yoo qabaate ta’uusaa calaqqisiisa. Ka’umsi Yaaxina xiinqooqa walmaddeessaa kan hojiirra oole hojii jijjiirraa kitaaba qulqulluutiifi Nidafi warri biro (1974). Kunis ergaa walmadaalawaa afaan lachuu keessatti hojiirra oolchuuf yaadamee kan hojiti hiikameedha.

Yaata’u malee akkaataa dhufaati isaa yoo ilaalle Jijjiirraan kan eegale bara mootii misiraa durii dhaloota kiristoos dura bara 3000 irraa eegalee naannoo kaatarakt jedhamutti yoo ta’u, saba oonni bu’uuraa jijjiirraan itti eegalame fedhiin barreeffamoota adda addaa siidarraa afaan lamaan argaman jijjiiruu madduu isaati Newmark (1982:1). Gama biroon sababni jijjiirraan yeroo sana itti eegale fedhii guddaa amantii babal’isuu dabalaa dhufuu isaati. Kanarraa ka’uun namni kaafar jedhamu kitaaba qulqulluu bara 1522fi 1661tti walduraaduubaan afaan Jarmaniifi ingiliziirraa jijjiiree ture. Haaluma walfakkaatuun jijjiirraan jaarraa 19ffaa keessas haala hoo’aa ta’een kan duraarraa adda ta’us itti fufaa dhufe Newmark (1982:1). Akka Niwumarki Beenjaamin (1923) wabeffachuun ibsetti sababoonni gurguddoon jijjiirraan jaarraa 19ffaa keessa itti eegale keessaa isaan hangafooni:

- beektonni heddummachaa dhufuu,
- Fedhii namoonni addunyaa beekuuf qaban dabalaa dhufuu,
- Saayinsiifi tekonoolojiin daraan babal’achaa dhufuu fa’a.

Gama biroon yaadrimeen jijjiirraa kan maddde yaaxina qorannoo xiinqooqa walmaddeessaarraafi qorannoo afaan tokko keessatti taasifamu irraayi. Inni kun kan addeessu yaaxina hiikaan waalqabatan jechuunis gaaffillee hiikaan walqabatee jijjiirraa keessatti ka’u, xiinqooqa hawaasaa kunis kan ibsu akkaataa fayyadama hawaasichaafi hariiroo afaan tokko afaan ollaasaa jiru waliin qabu bira ga’uufi, Newmark (1982:5).

2.3.1 Hiika Jijjiirraa

Jijjiirraa ilaalchise beektonni baay’een kallattii garaagaraatiin hiikaa laataniifii jiru. Niwumaark (1982) jijjiirraaf hiikaa yoo kennu, jijjiirraa jechuun yaada afaan tokkoon jiru afaan biroon bakka buusuuf yaalii godhamuudha. Dabalataan hayyuun kun jijjiirraaf hiikaa yoo kennu jijjiirraan

safuufi dhugaadhaan walqabachuu qaba jedha. Akka Wills. (2007:3) keessatti jijjiirraaf hiika kennetti,

“Translation is a procedure which leads from a written source language text to an optimally equivalent target language text and requires the syntactic, semantic, stylistic and text pragmatic comprehension by the translator of the original text,” jedha. Hiikni armaan

Olii kun kan agarsiisu jijjiirraan kan raawwatamu afaan lama gidduutti yoo ta’u kunis gocha hiika afaan tokkorraa kan birootti dabarsuu yoo ta’u, jijjiirraan akkaataaqindoomina himaa, hiikaa, akeekaafi hubannoo faayidaama qabaachuu qaba. Yaaduma kana Larson (1984) yoo addeessu,

“Translation consists of translating the meaning of the source language into the receptor language. This is done by going from the form of the first language to the form of a second language by way of semantic structure. It is meaning which is being transferred and must be held constant, Larson. (1984:3).

Haaluma walfakkaatuun jijjiirraan ogummaas yaalii ergaa barruu/yaada afaan tokkoo keessaa ergaa/yaada walqixaa ta’e afaan biroon bakka buusuudha. Adeemsa kana keessatti garuu dhiibbaa garaagaraatiin hiikni keessaa hafuu ni danda’aa. Sababa bu’uuraa hiikni keessaa akka hafu taasisu Haas (1962:12) yoo ibsu, “The basic loss is on a continuum between over translation (increased detail) and under translation (increased generalization) jedha.

2.3.2 Akaakuu Jijjiirraa

Akaakuun Jijjiirraan ulaagaa garagaraarratti hundaa’uun iddoo garagaraatti qoqqooduun nidanda’ama. Akka Larson (1984:14-15) ibsutti jijjiirraan iddoo lamatti qoodama. Isaanis jijjiirraa uunkarratti xiyeefatuufi jijjiirraa hiikaarratti xiyyeefatuudha. Jijjiirraan unkaa kan inni hordofu unka afaan maddaa yoo ta’u, jijjiirraan hiikaa (meaning-based) garuu dhaamsa sirrii akkaataa afaan maddaa keessatti qabuun kan raawwatuudha. Jijjiirraan akkasii jijjiirraa jechamaa jedhama. Larson (1984) akka jedhutti,

Idiomatic translations use the natural forms of the receptor language both in the grammatical constructions and in the choices of lexical items. A truly idiomatic translation does not sound like a translation. It sounds like it was written originally in the receptor language. Therefore, a good translator will try to translate idiomatically. Larson (1984:16)

Barruun armaan olii kun kan addeessu jijjiirraan jechamaa kan raawwatu jechamootaafi mammaaksota hiika cuunfaa (bal'aa) of keessaa qabanitti gargaaramuun ergaa barreeffama AM gara AJ tti kan dabarsuudha. Kana keessattis hiikni afaan jijjiirraa yeroo baay'ee kallattiidhaan afaan maddaa irraa kan hinargammedha. Gosti jijjiirraa kana yeroo hedduu foolii jijjiirraa kan ofkeessa qabu osoo hintaane, barruu jalqabuma afaanich barreeffaame fakkaata. Kanaafuu jijjiiraan cimaan yoo jijjiirraa raawwatu jijjiirraa jechamaa fayydamuun hojiisaa fudhatamummaa argachiisa.

2.3.3 Adeemsa jijjiirraafi Seerotaa Hojii Jijjiirraa keessatti xiyyeeffannaa barbaadan

Akka Larson (1984:3) ibsutti, adeemsa jijjiirra keessatti qabxiileen xiyyeeffannoo olaanoo barbaadan; namni jijjiirra raawwatu tokko hojiin ijoo inni jalqabaa hiika afaan maddaa hubachuu qaba. Hiika/ ergaa darbuuf barbaadame bira gahuuf beekumsa jechootaa, caaslugaa, haala walqunnamtiifi galumsa aadaa afaan maddaa beekuun hedduu murteessadha. Gama biroon, Nidafi Taber (1982: 33) adeemsa jijjiirra iddoo sadi gurguddootti qoodu;

Xiinxala; caasaa irra keessoo karaa caaslugaa, hiikaa jechootaafi hariiroo jechoonni waliin qaban ilaalu ta'a.

Ceesisuu; kunis barruun sammuu jijjiirraa keessatti xiinxalame afaan maddaarraa gara afaan jijjiirratti ce'uu qaba.

Irradeebi'uun caasessuu; kunis barruun sun afaan jijjiirraa keessatti fudhatamummaasaa mirkaneessuudha. Hiikaa hayyoota lamaanii armaan olii kanarraa kan hubatamuun danda'amu jijjiirraa keessatti xiyyeeffannoo kan argachuu qabu beekumsa afaaniifi galumsa aadaa yoo ta'u kana hojiirra oolchuuf ammo jijjiiraan beekumsa afaaniifi aadaa afaan lachuu qabaachuu qaba.

Maqaan dhaabbillee dhuunfaa, manneen barnootaa, maqaan yuunivarsiitii, maqaan hospitaalotaafi kkf akka qajeelfamaa jijjiirratti jijjiiramuu hin danda'an. Sababiinsaas maqaaleen kunniin aadaa afaan maddaa wajjiin hidhata cimaa waan qabaniifi, Newmark. (1988:73). Kanaafuu namni jijjiirraa raawwatu (jijjiirraa) tokkorraa kanneen barbaadaman beektonni garaagaraa bifa itti aanu kanaan ibsu.

Newmark (1988:6) waa'ee namoota jijjiirra raawwatani yoo ibsu, namni jijjiirraa raawwatu tokko gosa barreeffamaa kamiyyuuf yoo ta'e xiyyeeffannoo olaanaa kennuu isarraa eegama. Dabalataa Newmark (isuma) hojiin jijjiirraa inni jalqabaa barreeffamicha hubachuu, xiinxalu,

yookiin yaada waliigalaa tokko qabaachuun barbaachisaa ta'uu dhiyeessa. Gama birootiin, beekumsa afaanii ilaalchisee namni jijjiirraa raawwatu akka yaaxinaatti beekumsa afaan irraa ijjiiruu, afaan ittijjiiruufi dhimma sana sirriitti qabaachuun barbaachisaa ta'uu Danieel (2000) yoo ibsu, namni jijjiirraa raawwatu tokko afaan maddaa, afaan jijjiirraafi dhimmicha yoo beeke hojjiisaa ga'umsaan raawwachuu kan danda'u ta'uu addeessa. Sababiin isaas hanqina beekumsa afaanii qabiyyee waan jijjiiramuu gatantarsuu danda'a. Kanaafuu kan jijjiiramuu qabu unkaasaa yoo ta'u, hiiknisaa tuqamuu akka hin qabne ibsa.

Dabalataan namni jijjiirraa raawwatu tokko dubbistootasaa hubannoo keessa galchuun qaba. Sababiinsaas, jechoota akkamii, galumsa kam keessatti akka fayyadamuu qabu ni qajeelcha. Akka Daniel (2000) jedhutti namoonni yeroo afaan lammaffaa yookiin afaan alaa wallaalani rakatan, jijjiiraa barbaadu. Jijjiiranis beekumsa afaanichaa qofa qabaateef hojicha hinmilkeessu, sababiinsaas hubannoo gahaa beekumsa waan jijjiiramuu sanaafi aadaa, duudhaa, miiraafi safuu hawaasa afaanicha dubbatuu xiyyeeffannoo keessa galchuun dirqama ta'a. Yaaduma kana deeggaruun Newmark (1988 yeroo ibsu, jijjiiraan afaan maddaa yoo sirriitti beeke, dogoggora gama dhimmichaafi afaan jijjiirraarratti uumamu salphisuuf gargaarusaa agarsiisa.

Gama biroon, Boovee (1989) nama jijjiirraa raawwatu ilaalchisee seerota bu'uuraa armaan gadii kaa'a. Namni jijjiirraa raawwatu sun barreessaa bu'a qabeessa ta'uu qaba. Jijjiiraan dubbataa afaanichaa ta'eef ga'umsaan jijjiirraa beeksisaa niraawwatama jechuun hindanda'amu.

Namoonni hunduu dandeetti afaan dubbachuu qabaatanillee afaanichaan barreessurratti namoota muraasa qofatu barreessitoota bu'a qabeessa ta'a. Kanaaf, furmaata kan ta'uu danda'u irradeddeebi' uun barreessuu shaakaluudha. Dabalataan jijjiiraan waa'ee dhimma jijjiiru sanaa hubannaa gahaa qabaachuu qaba. Yeroo hunda jijjiiraa muuxannoon hojjetu caalaa, ogeessa jijjiirraa filaachuun gaariidha. Jijjiiran sun gara afaan caalmatti danda'uutti kan jijjiiruufi hubannoo aadaafi afaan hawaasichaa kan beeku yoo ta'e gaarii ta'a. Yoo kana ta'e qofa jijjiiraan sun ilaalcha hawaasummaa naannichaa, aadaafi itti fayyadama jechamoota afaanichaa hubachuu kan danda'u. Kan jijjiiramuu sun haala salphaa ta'een kan jijjiiramuu ta'uu qaba. Hiika dachaafi jechamoonni beeksisaa kan miidhagsan ta'uuyyuu yeroo baay'ee jijjiiramuu ulfaataa ta'uu dhiyeessa.

2.3.4. Maalummaa Jijjiirraa Hiikaa (semantic translatin)

Yaadrimeen hiikaafi jijjiirraa hedduu kan walitti hidhamaniidha. Kunis karaa tokkoon afaaan tokko keessatti hariiroo hiikaa jechoonni waliin qaban kan ilaalatu yoota’u, gama biroon afaanota lama gidduutti jijjiirra raawwachuuf hiikni iddoo olaana akka qabu kan addeessuudha.

Jijjiirraa hiikaa keessatti kaayyoo guddaan odeeffannoo xiinhiikaa fayyadamuun yaada tokko afaan tokkorraa kan birootti ceesisuu jechuudha. Kanaafuu gosoota Jijjiirraa hiikaa keessaatti xiyyeeffannoo guddaa kan argachuu qabu, walgitiinsa unkaa osoo hintaane, hiika ta’uu qaba .Yaaduma kana deeggaruun Newmark (1988:47) irratti yoo ibsu, “Semantic translation from the meaning level, as the name implies, finding corresponding words directly in the target language in accordance with their meaning in the original text,” jedha. Kuni kan agarsiisu jijjiirraa keessatti walqixummaa unkaa osoo hin taane xiyyeeffannaa kan argachuu qabu hiik ta’uusaati.

Akka NidafiTaber (1982:34) jedhanitti, adeemsa jijjiirraa keessatti xiyyeeffannoo guddaan ergaa waliigalaa afaan maddaa hubachuudha. Ergaan sadan afaan maddaa keessatti qaaceffamuu qabanis tokkoffaa hiika caaslugaa (grammatical meaning), lammaffaan hiika bakka bu’aa (referential meaning) yoo inni sadaffaan hiikaa dhokataa (connotative meaning) dha. Dabalaataan akka Larson (1984:3) jedhutti,

Translation is done by going from the form of the first language to the form of second language by way of semantic structure. Because it is the characteristic of a language that the same meaning component will occur in several surface structure lexical items (forms),” jedha.

Akka yaada kanaatti afaan tokkorraa kan birootti yoo jijjiiru unkaan jechootaa kan geeddaraman yoo ta’ellehiiknisaanii akka jirutti eegamuu qaba.

2.4 Hiika Xiinhiikaa

Maalummaafi hiikaa xiinhiikaa ilaalchisee hiikaasaa amma argate kana bira osoo hinga’in waggoota hedduuf falaasamoota addunyaa kanaawalfalmisiisaa tureera. Kunis gaareen kaan hiikni kan jiru sammuu dhala namaa keessa waan ta’eef qorachuun hin danda’amu yoo jedhan, kanneen biroon ammo wanti sammuu dhala namaa keessa jiru kan ba’ee qoratamu karaa bakka bu’aa yaada sammuu dhala namaa ta’e, afaanini waan ta’eef afaan qorachuu jechuun hiika qorachuudha, jedhu. Haaluma kanaan akka galmeen jechootaa” Advanced learner” jedhutti, xiinhiikni dame xiinqooqaa isa hiikaa jechootaafi gaalee kan qoratu yookiin xiinhiikni, dame

xiinqooqaa isa walitti dhufeenya jechootaafi himaa qoratuudha. Gama kaaniin akka xiinqooqtonni jedhanitti ammo xiinhiika jechuun dame xiinqooqaa isa jijjiirramahiikaa hiika keessattifi sona walitti dhufeenya himaa, jechaafi hiikaa gidduu jiru qoratuudha.

Gama biroon Leech (1990) xiinhiikaaf hiika yoo laatu, “In linguistic terminology the word semantics is used to designate the science of word-meaning,” jedha. Bifuma walfakkaatuun jaarraa 19ffaa booda hayyoonni garaagaraa hiika garaagaraa itti laataniiru isaan keessaa muraasni; Xiinhiikni dame xiinqooqaa ta’ee xiyyeeffannoon qorannoosaa hiikaa jechootaafi himaati. Hornby, (1972:789). Xiinhiikni dirree qorannoo hiika qoratu yoota’u xiyyeeffannoosaa, caasaa xiinhimafi akkaataa sagaleessuu osoo hintaane hiikaa himaafi kaayyoo xiinqooqaa birooti J.J Katz (1972:1). Xiinhiikni moggaasa jecha saansaawaa waa’ee hiikaa qoratuudha. F.R. Palmer (1976:1).

Xiinhiikni walumaagalatti yoo hiikkamu dirree qorannoo hiikati Lyons. (1977:1). Hiikawwaan armaan olii kunniin haga tokko garaagarummaa qabaataniyyuu, akka waliigalaatti xiinhiikni dame xiinqooqaa keessa tokko yoo ta’u xiyyeeffannoon guddaan dirree qorannoo kanaas hiika jechaafi himaarratti akka ta’eedha. Sababiin isaas afaan keessatti sadarkaan hiikni itti mul’atu inni xiqqaan jecha yoo ta’u inni olaanaan ammo hima waan ta’eeef hiikni sadarkaa kanatti qoratamuu akka qabu lafa kaa’u.

2.4.1 Hiikaa Jechootaa Beeekuu

Namoonnii baay’een kan yaadan jecha tokko beekuu jechuun unkasaa beekuufi ergaa ittiin dabarfachuudha jedhu. Yaata’u malee, qorattoonni xiinhiikaa tokko tokko jechoota yoo ibsan, gosoonni dirree qorannoo beekumsa hiikaa jechootaa yeroodhaa gara yerootti kan gabbachuun barbaachisuuf, hiika caaslugaa, hiika bakka bu’aa, hiika dhokataa jechootaa gutumaaguututti akka beekamuufi. Yaaduma kana cimsuun Nation (1990) yoo ibsu, “Knowing the word means knowing its written and spoken form, its meaning, its grammatical patterns, its collocations, associations, the frequency and its registe” jedha. Yaada kaanarraa wanti hubatamu namni tokko jecha tokko hiikaasaa beekke itti fayyadamuu danda’a kan nama jechisiisu, sadarkaa qubeessuurra eeegalee, akkaataa sagaleessuusaa, caasaa jechichaa, jechuunis; akkaataa itti walhoran, uumaman, akkaataa jechichi qindaa’uun hima keessatti galu, hiikaa heddeesaa, hiikaa kallattisaa, hiikaa faallaasaa, waliigalatti hariiroo jechichi jecha biraa waliin qabu yoo beekedha.

Gama biroon akka Alamuun (1996) ibsetti: dandeettiin sagaleefi seerluga afaan tokkoo nuti qabnu hagam yoo ol'aanaa ta'ellee, beekumsa hiika jechootaa gahaa yoo qabaanne qofa, yaada keenya qixa barbaadameen ibsachuu hindandeenyu. Kanaafuu, caasluga afaan tokkoorratti beekumsa hammam qabaannuyyuu, beekumsa hiikaa jechootaa, faayidaafi fayyadama afaanichaa ga'aa hinqabnu taanaan seera afaanii beekna jennu, haala gaariidhaan hojiirra oolchuun itti gargaaramuu hindandeenyu.

Waliigalatti faayidaafi fayyadama jecha sanaa galumsa garaagaraa keessatti adda baasee yoo beekedha. Kana beekuuf aammoo beekumsa caasaa afaanicha qofa osoo hin taane aadaa hawaasa afaanicha dubbatuus beekuun barbaachisaadha. Sababnisaas Leveridge (2010) akka ibsutti, "The relationship between language and culture is deeply rooted," jedha. Kun kan agarsiisuu jechoonni irra caalaa hiika kan argatan kophaa dhaabbachuun osoo hin taane, galumsa aadaa, hawaasaafi qindoominaa keessatti.

Kanaafuu afaan tokkoon hojjechuuf yookiin ittiin waliigaluuf dandeettii hiikaa jechootaa akkasumas, hariiroo jechoonni afaan tokkoo walii wajjiin qaban, gadfageenyaan beekuun barbaachisaadha. Yule (2006) yyaada kanarratti yoo ibsu, jecha tokko kophaasaaatti hiika itti kennuun hojii keenya guutuu hin taasisu. Sababiinsaas dubbiidhanis ta'ee barreeffamaan jechi tokko hariiroo jechoota biroo waliin qabu irratti hundaa'uun yookiin galumsa isaarratti hundaa'uun yoo xiinxalameefi ibsame hiikni jecha sanaa ifa ta'a. Haaluma walfakkaatuun afaan meeshaa ergaa/hiika dabarsu waan ta'eef, caasaan meeshaa kanaaf tajaajilu kan mul'atuufi sirriitti hubatamuu danda'u karaa tajaajila/hojiirra oolmaasaatini. Kun kan dhugoomsu afaan kallattii hiikaatiin ala qo'achuun, akka mallattoo daandiiwwanii kallattii qaama fiizikaalawaasaa qo'achuu yookiin caasaa ijaa (structure of eye) agartuu malee qo'achuun walfakkaata. Wierzbicka (1996:3).Maalummaan jechaafii hiikaa jechaa adda baasanii ilaaluun ulfaataa yoo ta'u, kunis bal'inaan kan mul'atu/calaaqisu wayita namni tokko yaadrimee bu'uura xiinhiika jechaa (lexical semantics) jedhuuf hiikaa kennuudha. Kun ammo keessumattuu kan inni irratti xiyyeeffatu hiikni jechaa kan murtaa'u galumsasaafi tajaajila jecha sanaarratti hundaa'uun, Matthews (1991).

Gama biroon akka Leech (1981:121) jedhutti, "Some of the relations within language that to be the proper subject-matter of semantics are: (i) synonymy, (ii) paraphrase, (iii) entailment, (iv) presupposition, (v) inconsistency," Jedha.

2.4.2 Faayidaa Hiikaa Jechootaa Bal'isuu

Guddina saayinsiifi tekniolojii jijjiirrama hawaasaa waliin waan walqabatuuf, moggaasa argannoowwan haarawaaf kennuun dirqama ta'a. Kana hojiirra oolchuuf hiikaa jechoota argannoowwan yookiin yaadrimee kana baachuu danda'an giddugaleessaan bal'isuun dirqama ta'a. Yaada kana Lehamann (1992:261) yoo ibsu, "Scientific advance. Social changes bring about extension of words to new uses," jedha. Kuni kan mul'isu dagaagina saayinsiifi tekniolojii akkasumas jijjiirrama hawaasaa waliin waan walqabatuuf, hiikaa jechootaa bal'isuun mijaa'ummaa afaanii mirkaneessuu gaafata. Kanaafuu argannoowwan haarawaa akkuma. Jiruun afaan biroorra fudhachuu caalaa, jechoota afaanichaa keessaa hiikaa bal'isuun, moggaasuun, yoo kun fala ta'uu dadhabe seera xiinjecha afaanichaa eeguun liqeffachuun dirqama ta'a.

2.4.3. Dhaabbii Dhabuun Jechootaa Fayyadama Afaaniirratti Fidu

Hanqinoonni walfakkaachuu dhabuu barreeffamoota Afaan Oromoo barruu garaagaraa keessatti mul'atu, barreeffamoota barjaalee keessattis kan calaqqisu waan ta'eef ergaa darbuu barbaadamerrattis dhiibbaa qaba. Yaada kana Mekonnen (2002) yoo ibsu.

Lack of uniformity in the usage of vocabulary and the coinage of new words differently by various researchers are hindering the process of standardization and are affecting communication in Oromo negatively. Thus, to alleviate such and related problems, a conscious lexical standardization effort may be imperative, Mekonnen (2002:6).

Yaadakanarraa hubatamuun kan danda'amu jechi afaan tokkoo yaadrimee tokko dabarsu iddoo garaagaraatti akkaataa garaagaraan tajaajila kennuun waaltina afaanichaatiif yaaddoo guddaa ta'uu caalaa walqunnamtii namoota gidduutis kan gaaga'uudha Kanaafuu jechoonni akkasii waalta'uunii walfaanuu qabu.

2.5 Maalummaafi Gahee Xiinqooqni Hujoon Hojii Jijjiirraa Afaanii Keessatti Qabu

Xiinqooqa keessatti tooftaan (method) yaaxinniifi (theory) argannoo (finding) adda addaa yeroo yerootti kallattii adda addaatiin nidhiyaatu. Isaan kunniin yeroo rakkoowwan hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa, amantii, sabummaafi sabboonummaa kanneen qabata afaanitiin kaloowwan qo'annoo (field of study) adda addaa keessatti mudatan furuuf kan tajaajilu xiinqooqa hujoo jechuu dandeenya Cook (2003), Allen and Corder (1975) fi Davies (1999). Kunis hundagaleesummaa xiinqooqa hujoo kan mirkaneessuudha. Kana jechuun, yaaxina xiinqooqaa

rakkoolee afaaniin walqabatanii mudatan furuuf itti fayyadamuu jechuudha. Dameen xiinqooqaa kun akka kaloo qo'annoo kanneen biroo yaaxina kaa'uun beekumsa dabaluu qofa osoo hin taane, dhimma tokko tokko gadifageenyan qo'achuudhaan fala kan kaa'uudha. Yaada kana galmaan gahuufis, odeeffannoo kallattii garaagaraatii argamutu dhimma baha.

Hiikaa xiinqooqa hujoo kan hunda biratti fudhatama qabu tokko kennuun ulfaataa kan ta'eefis dhimmoota bakka adda addaatti ka'aniif furmaata haalarratti hundaa'uun barbaaduufi xiyyeeffannoo isaa bal'achuudha. Barruun armaan gadii kun yaada kana yoo cimsu.

The focus of applied linguistics is on trying to resolve language based problems that people encounter in real world, whether they be learners, teachers, supervisors, academiclawyers, service providers, those who need social services, test takers, policy developers, dictionary makers, translators or a whole range of business clients, Grabe (2002:9).

Yaaduma kana Rack C. Richards (2002) yoo ibsu "Applied linguistics is the study of language and linguistics in relation to practical problems such as lexicography, translation, speech pathology, etc" jedha. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu gaheen xiinqooqa hujoon barnoota afaaniifi hojiirra oolmaasaa yookiin fayyadamasaa keessatti qabu olaanaa ta'uusaa agarsiisa. Isaan kana keessaa hojii jijjiirraa keessattis rakkoon qabata afaanitiin uumamu keessaa kanneen akka caasaa, afaan maddaafi jijjiirraa, hiikaa aadaa, hiikaa dhokataa, hiikaa hubannoofi hiikaa galumsaa afaan lamaanii sirriitti beeku dhabuurraa kan uumaman ta'uu waan danda'aniif, rakkicha adda baasurraa haga furmaata kennuutti shoorra olaanaa kan taphatu ta'usaati.

2.6 Faayidaa Jechoota Waaltessuu

Afaan tokko bal'ina dubbataasaarraa ka'uun loogni karaa hawaasaafi naannoo uumamuu nidanda'a. Edward Finegan (2003:12) yoo ibsu, "Wherever speakers of a language are separated by geographical or social distances, considerable linguistic variation is likely to arise," jedha. Loogota karaa lamaan umamu kana immoo madda tokkorraa akka dhangala'uuf, qorannoo gabbisani waaltessuu, hojiirra oolmaasaa hordofuufi to'achuun gahee dhimmamtoota afaanii yoo ta'eeyyuu hojiirra oolmaasaa mirkaneessuuf ammo shoorri hawaasni taphatus olaanaadha. Yaada kana cimsuuf, Fishman Haugen (1974:495) wabeeffachuun yoo addeessu, "The role of a speech community in the implementation of language standardization as follows: The planner proposes, but the community disposes," jedha. Yaanni kun kan ibsu qaamni afaan

karoorisu jechoota yookiin fayyadama caasaichaa kan dhiyeessu yoo ta’u, kan hojiirra oolchu hawaasicha ta’uusaati.

Faayidaan jechoota waaltessuu (terminology planning) akka UNESCO (2005) ibsutti, jijjiirraaf (for translation), odeeffannoo barbaachaaf (information retrieval), odeeffannoo kuusuu (documentation), waliigaltee (communication), barnoota (education) fi kan biroofis akka barbaachisu lafa kaa’a.

Akka yaada kanarraa hubatamuun danda’amutti faaayidaa jechoota waaltessuu keessaa inni tokko hojii jijjiirraatiifi. Kunis qaamni yookin namni jijjiirraa raawwatu tokko ergaa afaan tokkorraa kan birootti dabarsu cinaatti jechoota hiikaa sirrii baatan, kan aadaafi waadaa sabicha hintuqnetti fayyadamuun hojii jijjiirraa hojjechuu cinaatti adeemsa waaltina afaanicha keessatti shoora taphachuun hojii dachaadha.

2.7 Yaaxxina Qaaccessa Dogoggora barreessuu

Hayyoonni hanqina qaaccessa waldorgomsiisaa guutuuf jedhanii walakeessa jaarraa digdamaffaa booda jechuun baroota gara dhumaa 1960fi gara jalqaba 1970 keessa qaaccessa dogoggoraa kan uumaniifi ittiin hojjetanidha. Grass and Selinker (2008). Namichi kana beeksisuun beekames hayyuu ‘Sephen J.Corder’ nama jedhamudha. Yaadni bu’uuraa dogoggora qaaccessaa kanaa dogoggora namoonni afaanuma fayyadamaa jiran sana keessatti uuman qaaccessuu irratti kan xiyyeefatudha (Intralanguage). Gosa qaaccessa kanaa kessatti baay’inaan kan mul’atu, namni tokko seera isa tokko yoo beeka ta’e isa fuudhee kan seera (caasaa) sana fudhachuu hindandeenye irratti hojiirra oolchuudha.

Gabaabaadhumatti, seeruma tokkoon warra kaan dimshaashessuudha. Littlewood, (1984). Inni biraa, haala qabatamaa naannoodha. Norrish, (1983). Kun haala sagaleessuu, dubbachuu hawaasa naannoo ofkeessatti qabachuufi haala qabatamaa meeshaaleen duraan jiran dogoggora yoo ta’e namni sana argee kan ofii isaa hojjetus dogoggoruu akka danda’u hammata Littlewood, (1984); Brown, (1994); Yeshitla, (1999). Akkasumas, dhibaa’ummaan dogoggora dhufutu jira. Kun kaka’umsa waliinillee walqabachuu kan danda’uufi xiyyeeffannoo dhabuu kan agarsiisu ta’uu danda’a. Haalli kun immoo afaan tokkoffaa keessattis nimul’ata Ellis, (2009). Dogoggoroonni mul’atan kunniin dogoggora qubeessuu, caasaafi hanga hiikaatti deemuu

danda’u. Haata’u malee, qorannoon kun akkuma kaayyoo isaatti qubeessuun kan walqabatu qofaarratti yaaxina kana fayyadame.

Qaaccessa dogoggoraa kana irratti, Corder (1974) yaada yommuu kennu,

“The procedure for error analysis was as comprising five stages: selection of a corpus of language, identification of errors in the corpus, classification of the errors identified, explanation of the psycholinguistic causes of the errors, evaluation of the errors,” Jedha.

Yaada kanarraa waanti hubatamu dogoggora qaaccessuuf sadarkaalee shan keessa darbuun akka barbaachisudha. Isaan keessaa ragaa funaanuu, dogoggora jiru adda baasuu, dogoggora mul’atan gareen kaa’uu, madaaluutiin ta’uu akka danda’u qorataan qaaccessera.

Walumaagalatti, dogoggora qubeessuu qorannoo kana keessatti qaaceffamuuf yaaxxina kana ka’umsa godhachuudhaan dogoggorri jiru kan qaaceffamedha. Yeroo ammaa namoonni Afaan Oromoon hojii gaggeessaa jiran afaanicha baay’inaan akka afaan tokkoffaatti kan fayyadaman ta’anis ta’e, kan afaan lammaffaa isaanii ta’eefis jiru. Kanaafuu, yaaxinaalee olitti ka’an bakka barbaachisaa ta’etti fayyadamuuf barbaadame. Qorannoo kana keessatti irra caalaa dogoggora qaaccessaatu hojiirra oole. Sababiinsaa irra caalaa dogoggoroonni mul’atan kan dhiibbaa afaan biraa irraa dhufu osoo hintaane kan afaanicha keessatti uumamudha waan ta’eef.

2.8 Sakatt a’a Qorannoo Walfakki

Qorannoo ‘Yared Desalegn’bara 2010 mata duree’ content Analysis of Some Common Billboard in Addis Ababa’ jedhurratti gaggeeffame. Kaayyoon qorannichaa dhaabbileen hojii beeksisootaa hojjataniifi beeksisoonni bilboardii akkamiin ergaa akka dabarsan, miidhagsuuf maal akka fayyadaman, fakkiiwwan dhiyaataniifi maal akka ta’e beekuudha. Gama biraatin immoo kaayyoon qoratichaa fakkii, ergaa, bifaafi miidhagina qaaccessuudha. Haata’u malee qorannoo kana keessatti kaayyoo guddaan qaaccessa caasaafi ittifayyadama jechoota barreeffama Afaan Oromoo barjaalee ta’uuf iddoon qorannichi itti gaggeeffame Godina Arsii Aanaa Heexosaa Magaalaa Itayyaati. Dabalataan afaan qorannichi ittiin gaggeeffameefi yeroon qorannoon itti gaggeeffame garagara ta’uudha. Argannoon isaa akka agarsiisutti hedduun isaanii ibsa gadfageenya qabuufi suuraan fayyadamuun qaama ragaa kana ilaaluu barbaaduuf salphamatti dogongoricha jiru san kan hubachiisu ta’uudha

Qorrannoon Dr. Silashii Birhaanuu Milkaa'inaafi gufuulee barreeffama barjaalee Afaan Oromoo magaalaa Adaamaa jedhu bara 2007 tti dhiyaateedha. Kaayyoon qorannichaa barreeffama Afaan Oromoo barjaalee magaalaa Adaamaa keessatti agarsiistota milkaa'inaafi gufuuwwan isaanii moggaasa Afaan Oromoo waliin qabu adda baasuudha. Qorrannoon kun qorannoo kanaan walitti dhufeenya ni qaba. Kanneen walfakkeessan keessaa muraasni: meeshaalee funaansa ragaalee fi mala qaaccessa ragaalee yoo ta'an, qorannoo kanarraa adda kan taasisan immoo, kaayyoo qorannichaa, iddoo qorannichi itti adeemsifameefi argannoodha. Jechoota waalta'aa irratti xiyyeeffachuun qorrannoon kun kan irratti xiyyeeffate caasaafi ittifayyadama jechootaa qulqullina barreeffama barjaalee ta'uudha.

Qorannoo Femi kayoed mata duree” Relationship between the use of language on billboard Advertisements and consumer urge to purchase products in Lagos state Nigeria”kan jedhuudha.Kaayyoon qorannichaa hariiroo fayyadama Afaaniifi ilaalcha maamilli tokko meeshaa bituuf qabuqaaccessuudha.Qorannichi qorannoo kanaan walitti dhiyeenya niqaba.

Qorannoo Zalaalam Amantee bara 2012 mata duree” xiinxala fayyadama Afaan Oromoo beeksisoota taappellaa magaalaa Adaamaa” jedhuudha. Kaayyoon qorannichaa Afaan Oromoo taappeellota magaalaa Adaamaa xiinxaluudha.Qorrannoon kun qorannoo kanaan walitti dhufeenya niqaba.

Qorannoo'Saamu'eel Laggasaa bara 2010 mata duree''common mistakes in using the oromoo writing system: Astudy on billboard of Adama,’’ jedhuudha. Kaayyoon qorannichaa qulqullina qubeessuu barreeffamoota Afaan Oromoo beeksisoota manaan alaa magaalaa Adaamaa qaaccessuudha.

Qorannoo 'Wubishet Walelign' mata duree “An investigation into the efficiency of selected advertising Clips on ETV:cultural considerations,’’ jedhu bara 2010tti dhiyaateedha. Kaayyoon qorannichaa beeksisoonni ETV'n Afaan Amaaraa darban qabiyyee aadaa hagam qabu akka qabuuf.

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHA

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf, qoratichis ragaalee funaanaman gosa qorannoo akkamtaa fayyadamuun qaachessee jira. Qorannoo kana keessatti ragaaleen funaanaman harki caalu kan hiika argatan mala akkamtaatin yoo ta'u, raagaaleen waliigalaa sakatta'amuun walitti qabaman dhibbeentatti jijjiiruun hiikni itti kennameera. Kanarratti Dastaan (2002;20)' Qorannoon mala akkamtaan gaggeeffamu odeeffannoo argame mala addeessaatin ykn mala ibsaatin dhiheessa,'jedha. Qorannoo kana keessatis dhibeentaa irra caalu kanaan qaaceffameera. Dabalataan Abiy and etal (2009; 36) yoo ibsan''Qualitative research involves studies that do not attempt to qualify their results through statistical summary or analysis,' jedhu.

Gama birootin, qorannoo kana keessatti odeeffannoon argame gadifageenyaan ragaan deegaramee kan qaaceffameedha. Addunyaan (2011;11) yaada kana yoo cimsu'ciminni mala qorannoo akkamtaa gaaffiwwan akkamitti maalif jedhan kaasuun gadifageenyaan xiinxaluurratti humna waanqabuuf,amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati,'jedha. Yaada kanarraa malli kun gadifageenyaan xiinxalurratti humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessu ta'uu hubanna. Kanaafuu kaayyoon qorannoo kanaas qaaccessa barjaalee Afaan Oromootin barreeffaman ija jijjiirraatin jedhurratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, qoratichi mala kanatti dhimma ba'ee jira.

3.2. Madda Ragaalee

Maddi ragaalee qorannoo kana keessatti qoratichi ittifayyadame madda 1ffaafi 2ffaati. Sababiin isaas maddi 1ffaan odeeffannoo qorannichaa barjaalewwan magaaa Itayyaa keessatti argaman suuraan isaanii kan fudhatamaniifi namoota barjaalewwan kanneen barreessurratti bobba'an kallattumaan argachuudhaan.Maddi 2ffaa qorannoo kanaa,dhimmamtoota afaaniifi aadaa kan ta'an waajjira Aadaafi turiizimii odeeffannoo,akkasumas hojii beeksisaa wajjin hidhata kanqabu, Biiroo daldalaafi Industurii Aanaa Heexosaafi namoota barjaalewwan barreessisiifatan akka madda lammaaatti odeeffannoon irraa funaaname ofkeessatti hammata.

3.3. Mala Funaansa Ragaalee

Qoratichi ragaalee qorannoo kana fiixa baasuu danda'an jedhee itti fayyadame mala sakatta'a barjaaleefi mala af-gaaffiiti.

3.3.1. Sakatta'a Barjaalee

Akkuma beekamu namni qorannoo tokko adeemsisu ragaalee qorannoo saniif baay'ee barbaachisaa ta'an, tooftaalee adda addaatti fayyadamuun akkuma funaanatu qoratichi qorannoo kanallee barjaalewwan magaalaa kana (Itayya) keessatti barreeffamanii maxxanfamuun jiran hundaa tokko tokkoo isaanii sakatta'uun hanqinaafi cimina isaan qaban ilaalee jira.

3.3.2 Afgaaffii

Af-gaaffiin namoonni lamaa ykn lamaa olii walitti dhufuun yaada sammuuhaa qaban tokkorratti kan waliin dubbatan ta'uu Kumar (2005; 123) yoo ibsu 'any person to person interaction between two or more individuals with specific purpose in mind is called an interview' jedha. Kanumaan walqabsiisee Kothari (2004) meeshalee odeeffannoo funaanamu kun gaaffii afaanin dhiheessuufi afaanin deebii kennurratti kan hundaa'eefi caalmaadhaan qorannoo gadifageenyaa barbaaduuf kan oolu ta'uu ibsa.

Gama biroon faayidaa af-gaaffirraa argamu kanas, Wallace (2000) akka armaan gadii kanatti ibsa.

The important of interview question to the interviewee a head of interview contributor a lot for both the researcher and the interviewee. If the interviewee knows what questions they are going to be asked, they become more related and provided fuller, more formative answer.

Haaluma kanaan qoratichi af-gaaffii caaseffamerratti hundaa'uun gaaffilee dursa qopheeffachuudhaan, jechoota walfakkaataafi tartiiba isaanii eegataniin Waajjira Aadaafi Turizimii keessaa nama sadi, Biiroo Daldalaafi Industirii keessaa nama sadi, barreessitoota barjaalee keessaa nama sadiifi namoota barjicha barreessisiisan keessaa namoota shantamarraa odeeffannoo funaaneera. Kana ilaalchisee Kumaar (2005; 126) haala kanaan ibsa. 'In a structured interview the researcher asks a pre determined set of questions using the same wording and order of question as specified in the interview schedule.

Walumaagalatt meeshaaleen kun namoota dhimmichi ilaallatuuf qoratichi eenyummaafi kaayyoo ofii ibsuun odeeffannoo irraa fudhachuudha. Kanaafuu meeshaalee funaansa odeeffannoo kanatti gargaaramuun qoratichi gaaffilee daanga'oofi banaa Afaan Oromootin qopheessuun namoota beeksisa barjaalee magaalaa Itayyaa keessatti barreessurratti bobba'an ogeessota Waajjira Aadaafi Turzimiifi Biiroo Daldalaaf Industirii Aanaa Heexosaarraa ragaan walitti qabameera.

3.4. Mala Iddateessuu

Akkuma daangaa qoranichaa jalatti ibsuuf yaalame, kanneen qorannoon kun ilaallatu hundarraa odeeffannoo guuruun bu'a qabeessummaa isaa daran akka cimsu beekamaadha. iHaata'u malee, humna qorataa kanaatii oli ta'a. Kunis, yeroo baajataafi meeshaalee barbaachisan gahaa argachuun waan gaafatuufiidha. Kanaafuu, mala iddattoo gargaaramuun barbaachisaadha. Gosa qorannoo qulqulleeffataa keessatti baay'inaan haalota ykn dhimmoota ibsurratti waan xiyyeeffatuuf dhimmi iddattoo xiyyeeffannaa guddaa akka hinqabne Kumar (2005; 165) akkanatti ibsa.' In qualitative research the issue of sumpling has little significance as the main aim of the most qualitative inquires is either to explore or describe the diversity in a situation, phenomenon, or issue.'

Qoratichi qorannoo kana gaggeessuu keessatti malli iddatteessuu dhimma itti bahu gosa mala iddatteessuu keessaa miti carraadha. Sababnis jamaa filataman keessaa iddattoo filachuuf carraan waan hinfayyadamneefidha. Kanaan walqabsiisee Kothari (2004;59) akkanatti ibsa,' Non probability sampling is that sampling procedure which does not afford any bases for estimating the probability that each item in population has of being included in the sample.' Kanaafuu, gosa mala iddatteessuu miti carraa keessatti qoratichi ta'e jedhee carraadhaan ala ofiisaatii iddattoo kan filatu ta'uu hubanna. Dabalataan, malli iddatteessuu miti carraa yeroo baay'inni jamaa hinbeekamne ykn tokko tokkoon addaan baasuufis rakkisaa ta'u kan fayyadamnu ta'uu Kumar (2005:177) akkanatti dhiheessa,' Non probability sampling designs are used when the number of elements in a population is either unknown or cannot be individually identified.

Kanumaan walqabatee, qoratichi gosa mala iddatteessuu miti carraa kana keessaammoo gosa tokko kanta'e mala iddateessuu akkayyoo [purposive sampling] fayyadamee jira. Sababnisaas, iddattoon filataman qabiyyee qoratichaafi kaayyoo qoratichaarratti waan hundaa'aniifidha.' Akkayyoo'kan jedhames' akka kayyoo'qorannichatti ykn qoratichatti dookumantoota, odeeffataa ykn deebistoota filachuu waan ta'eefi,' Addunyaa, (2011:67) yaada kana cimsuun Sarantakos (2005:164) akkanatti ibsa,' in purposive sampling technique the researchers purposely choose subjects who in their opinion, are relevant to the project. The choice of respondents is guided by the judgement of the investigator.' yaada kanarraa qorataan tokko odeef-kennitoota dhimma sanaa itti dhiyeenyaan ni beeku jedhee itti amanu ofiin murteesse kan filatu ta'uu hubanna. Ili Gama birootin, baay'ina iddattoo ilaalchisee qorannoo qulqulleeffataa keessatti xiyyeeffannaa

ijoon haala, dhimma, adeemsa ykn raawwii ibsuu waanta'eef, barbaachisummaan isaa xiqqaa ta'uu Kumar (2005:181) akkanatti ibsa,'In qualitative research,as the main focus is to explore or describe asituation, issue, process or phenom on, the question of sample size is less important,' Kanaafuu yaada kanarraa gaaffiin baay'ina iddatoo ilaallatu barbaachisaaakka hintaane hubbanna. kanaafuu qorannoo kanarratti qoratichi gosa mala iddatteessuu keessaa miti carraafi achi jalatti immoo mala iddatteessuu akkayyoo dhimma ba'uun odeeffannoo guuree jira.

Haaluma kanaan, milkaa'ina qorannoo kanaatif odeeffannoon kan irraa funaanaman barjaalewwan magaalaa Itayyaa dhibba lamaa ta'an suuraa kaasuun walitti qabamanirraa parsantiin sodomni fudhatamaniiti. Gama birootin barjaalewwan suuraan fudhatamuun hindanda'amne garuu qoratichaaf ragaa murteessaa ta'an yaadannoo qabachuun walitti qabameera.Inni biraa immoo odeeffannoo argaman cimsuuf, Waajjira Aadaafi Turizimii keessaa mala akkayyoon nama sadi, Biiroo Daldalaafi Industirii aanaa heexosaa keessaa ogeessa dhimmi ilaallatu tooftaa walfakkaatuun nama sadi, barreessitoota barjaalee keessaa nama sadiifi namoota barjicha barreessisiisan nama shantamaa keessaa immoo parsantii sodoma fudhachuun odeeffannoon walitti qabameera.

3.5. Tooftaalee Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo qulqullinaa keessatti odeeffannoon argame lakkoofsaan osoo hinta'in jechootaan kan ibsameedha. Kanaaf ragalee sakatta'a dookumantiifi af-gaaffii irraa argame mala qorannoo addeessaa keessaa kanta'e mala qorannoo ibsatti fayyadamuun jechootaan ni ibsamu. Waa'ee mala qorannoo ibsaa ilaalchisee Asafaa (2009; 46) yoo ibsu, malli kun walaloon akkamitti waa'ee waan tokkoo ibsuun akka danda'u kan ilaalluudha. Yaada kanarraa ka'uudhaan odeeffannoo bifa garagaraatin walittiqabame gara barreeffamatti jijjiiruun qindaa'ee duraa duubaan barreeffameera.

Qorannoo kana keessatti odeeffannoon mala sakatta'a dookumantiifi af-gaaffiin walittiqabaman muuxannoo qoratichaafi qorannoo mana kitaabaa bu'uurfachuun qindaa'aniiru. Haaluma kanaan barjaalewwan hanqinoota caasaafi hiikaa qaban akkataa walittidhiyeenya qabaniin ragaalee af-gaaffin argaman waliin walkeessa nyaachifamuun fakkeenyaafi ragaadhaan deegarree kutaa kutatti qoqqooduun qaaccessessee jira.Dhumarrattis odeeffannoon guuraman mala ibsaatin ykn mala qulqulleeffataatin hiika argachuun argannoorra ga'ameera.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

4.1 Qaaccessa Ragaalee Caasaan Walqabatan

Hanqinni barreeffaama fayyadama caasaa Afaan Oromoo barreeffamoota Afaan Oromoo keessatti ni mul'ta. Akaakuu barreeffamoota kana keessaa tokko kanta'e barreeffama teeknikaa/barjaalee magaalaa Itayyaa dhaabbilee dhuunfaafi mootummaa keessatti mul'atanis kanuma. Hanqina fayyadama caasaa Afaan Oromoo keessatti kanneen hammatamuu danda'an dogongora qubee: dheeressuufi gabaabsuu, jabeessuufi laaffisuu, irrabutaafihudhaa, duraaduuba jechootaa, jechoota jalqabaafi dhuma jechaarratti haala seerri Afaan Oromooeeyyameen fayyadamuun barreessuu dhabuun isaan muraasaadha. Kunneen tokko tokkoon haala armaan gaditiin qaaceffamaniiru.

Qindaa'inni dogongora qubee barreeffamoota barjaalee magaalaa Itayyaa dhaabbilee dhuunfaafi mootummaa keessatti mul'atan ragaalee funaanaman irraa hubachuun ni danda'ama. Kanneen qindaa'ina dogongora qubee jalatti ramadaman dubbachiiftuu dheeressuufi gabaabsuu, dubbifamaa lama jalqabaafi dhuma jechootarratti fayyadamuun seera qubeessuu Afaan Oromoo hintaane fayyadamuun dogongorri jiraachuudha.

4.1.1 Dogongora Qubeewwanii

4.1.1.1 .Qindaa'ina dubbachiiftuu dheeressuufi gabaabsuurratti hanqina jiru

Qindaa'inni qubee dubbachiiftuu dheeressuufi gabaabsuu barjaalee magaalaa Itayyaa keessatti

Mul'atan keessaa muraasni isaan armaan gaditti eeramaniidha.

1. FARNIICHARAA DARAARAA



2. Mana Jimaa Betii



3. Mana Nyaataa Meeroon



4. HOJII OMISHA MEESHAALE MANAA FI BIIRO DARAJEE DAGAFAA



6. Mana Suuraa Wan-ofii



Barjaalewwan armaan olitti tarreeffaman kunneen sababa bakka hinbarbaachifnetti dheerachuun ykn gabaabachuun barreeffamaniif ergaan darbuu barbaadame osoo hindarbin hafuu isaa agarsiisa. Kanumarraa ka'uun iddoo dogongorri itti uumaman yoo ilaallu, akkaarmaan gadii kana ta'u.

1. FARNIICHARAA DARAARAA Kan jedhu keessaa jechi 'FARNIICHARAA' Jedhu keessatti qubee dubbachiistuu/A/dheerattee arganti. Dheerachuun irra hinturre. Kanaafuu

- barjaan ‘FARNIICHARAA DARAARAA’ Jedhu keessatti qubeedubbachiiftuun bakka gababaachuu qabutti dheeratee barreeffamuu isaatin dogongora argina.
2. Mana Jimaa Betii barjaa jedhu keessatti jechi ‘Betii’ jedhu dogongora qubeessuu birsaga ‘Be’ jedhu dheerachuu osoo qabuu gabaabatee barreeffamuun ergaa darbuu qabu gufachiise.
 3. Mana Nyaataa Meeron barjaa jedhu keessatti jechi ‘Meeroon’ jedhu birsagni ‘roon’ jedhudheeratee qubeeffamuun dogongorri akka uumamu ta’ee jira.
 4. MANA CIREE FIJUUSII ELSHAADAAYII Kan jedhu keessatti jechi ‘CIREE’ Jedhu birsagni ‘CII’ Jedhu osoo gabaabachuu qabuu dheeratee qubeeffamuun sun dogongora uumuu danda’ee jira.
 5. HOJIIOMISHA MEESHAALE MANAA BIIRO DARAJEE DAGAFAA barjaa jedhu keessatti jechoota afuritu qubeewwan dubbachiiftuu ta’an bakka itti dheerachuu qabanitti osoo hindheeratin gabaabataniiqubeeffamuu isaanitiin dogongorri akka uumamuuf sababa ta’anii ergaa darbuu qabu gufachiisaniiru. Isaanis; ‘MEESHALE’ FI ‘BIIRO’ jedhan yoo ta’an, birsagoonni ‘O’, ‘LE’ FI ‘ROO’ dheerachuu dhabuun barjicha hiika dhabeessa taasisee jira.
 6. Mana Suuraa Wanofii barjaa jedhu keessatti birsagni ‘wan’ jedhu dheerachuu dhabuun dogongora uumuu danda’ee jira. Barjaalewwan kunniin yoo sirreeffamanii barreeffaman akka armaan gadii kana ta’a.
 1. FARNIICHARA DARAARAA
 2. Mana Jimaa Beetii
 3. Mana Nyaataa Meeron
 4. MANA CIREEFI JUUSII ELSHADAAAY
 5. HOJII OOMISHA MEESHAALEE MANAAFI BIIROO DARAJEE DAGAFAA
 6. MANA SUURAA WAANOFII kan jedhu ta’a.

4.1.1.2 Qaaccessa qubee dubbifamaa jabeessuufi laaffisuu

Sirna barreeffama Afaan Oromoo keessatti hiika jecha tokkoo kanneen jijjiiruu danda’an keessaa jabeessuufi laaffisuun isa tokkoodha. Irsagni dubbifamaa jabeessuufi laaffisuu, dubbachiiftuu dheeressuufi gabaabsuu akkasumas, dhisagaafikisaga [Abarraafi kaawwan, 1995; 23]. Kana malees fayyadama Afaan Oromoo keessatti iddoo isaa malee laaffisuun ykn jabeessuun hiika jijjiira. Isums [1995;24]

1. Mana cirre samrii



2. Mana Nyaataa Tollossaa



3. Ufataa Hodhaa Amayaa kan dhiraafi dubartootaa Amara



4. GURGURTA MIDHAANI SANAAAYIT



Barjaalewwan armaan olitti barreeffamanii jiran keessatti dubbifamaan iddoo maleetti jabbeessuufi laaffisuutu mul’ata.Kun immoo hiikni jechi sun dabarsuuf bakka bu’e jijjiiramee ykn hiika dhabee mul’ata.Ragaan barjaa mana cirre Samrii jedhu jecha’cirre’ jedhu keessatti qubee dubbifamaa//r/ tokko ta’uu osoo qabuu lama ta’uu isaa,2ffaa Mana Nyaataa Tollossaa kan jedhu keessatti immoo jechi ‘Tollossaa’jedhu qubeewwan dubbifamtootaa/l/ fi/s/tokko ta’uu osoo qabanuu lama lama ta’anii argamuu isaanii,3ffaa ufataa Amayaa kan dhiraafi dubartootaa kan jedhu keessatti immoo ufataafi Amayaa jedhaman keessatti qubeewwan ta’an/f/ fi/m/lama

lama ta’anii galuu osoo qaban tokko tokko ta’uun isaanii, 4ffaa GURGURTAA MIDHAAN SANAAAYIT kan jedhu keessaa jecha ‘SANAAAYIT’keessattis qubeen dubbifamaa/N/n lama ta’uu osoo qabuu tokko ta’uun isaa seera Afaan Oromoo eegee barreeffamuu dhabuun ergaa barbaadame gufachiisee jira.

Walumaagalatti barjaalewwan armaan olitti lakkoofsa 1-4tti barreeffaman akka armaan gadii kana ta’u.

1. Mana ciree Samrii
2. Mana nyaataa Tolosaa
3. Mana Hodhaa Uffataa Ammayyaa Amaaraa Kan Dhiiraafi Dubartootaa
4. Mana Gurgurtaa Midhaanii Sannaayit Kan Jedhu ta’a.

4.1.1.3 Qubeeffamaa Gosa Tokkoo Lama Jalqabaafi Dhuma Jechaarratti Fayyadamuu

Qindoomina qubee dubbifamaa gosa tokkoo lamaa walitti aansuun jalqabaafi dhuma jechaarratti fayyadamuun hineyyamamu. Dubbifamaa lama gidduu qofatti eyyamama. Kun ta’ee osoo jiruu yeroo tokko tokko caasaan Afaan Oromoorratti dubbifamaan lama jalqabaafi dhuma jechootarratti barreessuun seera afaanichaa kan cabse argina. Ragaan armaan gadii tuqamanillee kanuma nuuf mirkaneessu.

FKN .Kilinika praaymarii Innaat



4.1.2 Qaaccessa Fayyadama Jechootaa

4.1.2.1 Fayyadama Duraaduuba Jechootaa

Afaan tokko akkaataa jecha walitti qindeessu kan mataa ofii qaba. Duraaduubni qindoomina jechootaa seera kana hordofee deema. Seera afaanichaa kanarraa hinmaqu. Afaan Oromoo keessatti duraaduubni himaa matima, antimaafi gochima ta'eetu qindaa'a. Qindaa'ina seera afaanichaa kana eegatee hindeemu taanan ergaan darbu ni gufata ykn hiika ta'u dhabsiisa. Jechoota bakka isaanii malee galchuun dogongoraaf qabata akka ta'e ibsa Addunyaa, (2010).

Haata'u malee ragaaleen armaan gadii keessatti duraaduubni jechootaa seera Afaan Oromoo kan faallessa ta'ee argina.

FKN1 ..Waliigala Hojii Daawitii Wandiyee



2 .WASAASAA DHAABBATA QUSANNAA FI LIQII /W.A/



3 YOB HOJII KOMPITARA AFI MAXXANSAA



4 .Gurgurtaa Meeshaalee Xumura ijaarsa Mana Mastaawat



Barjaalewwan fayyadama duraaduuba jechootarratti dogongora qaban jedhamanii armaan olitti tarreeffaman kunneen yoo tarreeffaman akka akka armaan gadii kana ta'u.

1. Hojii Waliigala Daawitii Wandiyee.
2. DHAABBATA QUSANNA AFI LIQII WASAASAA(W .A)
3. HOJII KOMITARA AFI MAXXANSAA YOOB.
4. Mana gurgurtaa meeshaalee xumura ijaarsaa Mastaawat

4.1.2.2 Jechoota Mijatoo Hintane Fayyadamuun walqabatee

Barreeffama barjaalee keessatti filannoon jechootaa iddoo guddaa qaba. Ergaan barreeffamichaa haala salphaafi ifa ta'een akka hubatamuu danda'u taasisuuf haalli qindaa'ina jechoota murteessaadha. Jechoonni barjaalee Afaan Oromoo magaalaa Itayyaa keessatti barreeffamanii mul'atan tokko tokko jechoota ifaafi mijatoo hintaaneedha.

Fkn.1 ISTESHINAR FI KOPII ASNEE



3. Kolleksiinii Naataan



4 MAXXANSAA ALMAAZ



Barjaalewwan armaan olitti barreeffaman kanneen qaamni barreesse namoota Afaan Oromoo seeraan barreessuu kan hindandeenyeefi naannoo oromiyaa keessatti tartiiba afaanonni barjaalewwan ittin barreeffamuu qaban hubannoo kan hinqabne ta'uufi ilaalchi isaan Afaan Oromoof qaban gadi bu'aa ta'uu mul'isa.

Barjaalewwan armaan olitti tarreeffaman kunneen haalli ittifayyadama jechoota isaanii mijataa kan hinta'in ta'uu mul'isa. Kanaafuu osoo akka armaan gadii kanatti sirreeffamanii barreeffamanii gaarii ta'u.

1. MANA ISTESHINAARIIFI KOOPPII ASNEE
2. Mana kolleekshinii Naataan.
3. MANA MAXXANSAA ALMAAZ.

4.1.2.3 Walqabsiistuu 'Fi' Akka Ofdanda'atti Fayyadamuu

Barreeffamoota armaan olitti ibsamaniifi kanneen itti aanan hedduu keessatti walqabsiistuu'FI' akka jecha ofdanda'oo tokkotti fayyadamanii argina. Walqabsiistuun 'FI' ulaagaalee hiikaa, caasaafi xinsagaa waan hinguuneef, kophaa barreeffamuu hindandeessu Askale (1998: 335). Haata'u malee, barjaalewwan Afaan Oromoo magaalaa Itayyaa keessatti argaman keessaa muraasni armaan gadii kan nutti mul'isu faallaa kan ta'ee argina.

1. BAARII FI REESTOORANTII GIIFTII



2. Mana Foonii Hoolaa fi Re'ee Elshadayii



3. SUHPAA MOBAAYILAA FI ELEKTIROONIKSII MINTESINOT.



4. Meeshaalee jijjiirraa konkolaataa fi motoraa Afee.



5. MANA CIREE FI JUUSII ELSHAADAAYII.



Barjaalewwan Afaan Oromoo magaalaa Itayyaa armaan olitti barreeffaman keessatti walqabsiistuu ‘fi’ akka jecha ofdanda’atti barreeffamaniiru. Kun immoo waan sirrii hintaanef jecha jalqabatti maxxanuun yoo sirraa’u akka armaan gadii ta’a.

1. BAARIIFI REESTOORANTII GIIFTII
2. Mana Foonii Hoolaafi Re’ee Elshadaayii
3. SUPHAA MOBAAYILAAFI ELEKTIROOIKSII MINTASINOOT
4. Meeshaalee jijjiirraa konkolaataafi motoraa Afee
5. Mana Cireefi Juusii Elshadaay

4.1.2.4 Qaaccessa Dhaabbii Dhabuu Jechootaa

Barreeffamoota Afaan Oromoo adda addaa keessatti yaadrimee walfakkaataaf jechoota garaagaraa fayyadamuun bal’inaan nimul’ata. Hanqinoonni akkasii kun ammoo afaanichi akka dhaaba dhabu taasisa. Eenyu afaanirratti akka hojjechaa jiruufi eenyu afaaniin akka hojjechaa jirus kan walnama shakkisiisuudha. Rakkooleen akkasii kun barreeffamoota beeksisaa keessattis bal’inaan ni mul’ata. Barreeffamewwan barjaalee Afaan Oromoo magaalaa Itayyaa walitti qabaman keessaa muraasni akka ibsanitti yaada tokko ibsuuf jechoota garagarratti kanfayyadaman ta’uu mul’isu. Kunnis ragaa fakkeenya armaan gadiirraa hubachuun nidanda’ama.

1. Kiliinika Jalqabaa Tihitinnaa



- 3 Kilinika praaymarii Innaat



Barjaalewwan Afaan Oromoo magaalaa Itayyaa keessaa muraasni armaan olitti tarreeffaman keessatti’’jalqaba, giddugaseessaafi praaymarii’’jedhan yaada tokko ibsuuf galanii jiru.Jechoonni ittifayyadaman garuu adda adda.Kun immoo waaltina dhabuu jechootaa ta’utu hubatama. Kanaafuu gara tokkotti fiduun kiliinika jechuun sirreeffamanii osoo barreeffamanii gaariidha.

4.1.2.5. Qaaccessa Irra Deddeebii Jechootaa

Irradeddeebiin jechoota barreeffama tokkoo keessatti kanneen hiika dhabsiisan keessaa isa tokkoodha.Kanas ragaa armaan gadiirraa hubachuun ni danda’ama.

Fkn suphaa komputaraafi suphaa meeshaalee waliigalaa biroo kan jedhamu barjaa irra deddeebii jechootaa qaban keessaa isa tokkoodha. Jechi barjaa kana keessatti irradeddeebi’ame jecha ‘suphaa’ jedhu yoo ta’u, ergaa barjicha sanii akka hinhubatamne gufachiisuu danda’a.barjaan kun yoo sirreeffamee barra’u’’suphaa komputaraafi meeshaalee waliigalaa biroo Siim’’ kan jedhuun osoo sirra’ee barreeffamee gaarii ta’a.



4.1.2.6 Haala Ittifayyadama Gabaajee

Gabaajeen jechoota barreeffaman tokko keessatti qubee jalqabaa funaanuun mala gabaabsanii barreessuuti.Getaachoo,(2011; 61).Barreeffama barreeffama barjaalee keessatti jechoonni barbaachisoo,filatamoo,gababaaafi kan namoota hedduu birratti beekkaman ta’uu qaba.

Kottoonfachiistuu jechuun immoo Afaan Oromoo keessatti jechoota dheeratani barreeffaman qubee muraasa keessaa fudhachuun mala ittiin barreesiuudha.Gabaajeefi kottoonfeen barreeffama barjaa keessatti dhimma itti bahamuun kan addeessinu heddu beekamaa ta’uu

qaba.Haata’u malee haalli ittifayyadama gabaajee fi kottoonfee Afaan Oromoo barjaalee magaalaa Itayyaa keessatti argamanii tokko tokko kan hubachuuf rakkisaa ta’anitu argama.

Fkn 1. Yuuniyeenii H.G. Q.B.Heexosaa ittigaafatamumaan isaa kan daangeffame




2. Gurgurtaa dibataafi zayita konkolaataafi motoraa A.Z.



3 .HOTEELA T.R



4. Faashina Z.



Barjaalewwan armaan olitti barreeffaman keessatti gabaajewwan mul’atan kan dubbisaan hinbeekneefi hubachuu hindandeenyeedha.Kana malees dubbistoonni adda addaa haala garagaraatin hubachuu mala. Kanaafuu haala ergaa dabarsuufi dubbistoota hundaan dubbifamee hubatamuu danda’uun osoo barreeffamee gaarii ta’a

4.2 Qaaccessa Ragaalee Jijjiirraan Walqabatan

Akka Malmkjar (2005:34) jedhetti, “translation is the process of carrying a message of a text written by one language to other without changing the meaning.” Akka yaada hayyuu kanaatti

jijjiirraan barruu afaan lamaa gidduutti yoo gaggeeffame xiyyeeffannoo guddaan ergaa barbaadame afaan tokkorraa kan birootti dabarsuudha. Kana gochuuf ammoo jijjiiraan beekumsa afaaniis ta'ee aadaa saba afaanicha dubbatuu beekuu qaba. Beekumsa afaanii yoo jedhamu sadarkaa dubbachuufi barreessuu qofatti kan daanga'e osoo hin taane beekumsa xiinqooqa hujoosaa qabaachuu qaba.

Inni biroon jijjiiraan tokko beekuu kan qabu jijjiirraan yoo raawwatamu maaltu akka jijjiiramuufi hin jijjiiramnee adda baasuu beekuun qaba. Kana jechuun jijjiirraa keessatti uunkiifi afaan kan jijjiiramu yoo ta'u, ergaan akkuma jirutti taa'a. Haaluma walfakkaatuun jijjiirraan afaan lamaan yookiin sadi gidduutti raawwatamu yeroo baay'ee dogoggoraan kan guutameedha. Sababiin isaas akka ragaaleen afaafiin walitti qabame mul'isutti barreessitoonni beeksiisoota barjaa hundisaanii hojii jijjiirraa afaanota gidduutti yoo raawwatan yaaxina jijjiirraas ta'ee, beekumsa caasaa afaan lachuu kan hin qabnee ta'uusaanii addeessu.

Jijjiirraan barreeffama tokkoo milkaa'e kan jedhamu yoo ergaan Afaan maddarraa gufuu tokko malee Afaan jijjiirratti darbuu danda'eera. Yaaduma kana bu'uurefachuun barjaalewwan magaalaa Itayyaa keessatti argaman haalli jijjiirraa isaanii Afaan maddaafi Afaan jijjiirraa wal madaalaa jiraa jennee yoo ilaalluhanqinni jiraachuu isaa mul'isa. Akka ragaatti barjaalewwan hanqina jijjiirraa qaban keessaa muraasni isaanii akka armaan gadii kaa'amani kaa'amani jiru.





Barjaalewwan qaaccessa ragaaleen Jijjiirraan walqabatan kan jedhu jalatti armaan olitti eeraman ergaan Afaan Madaafi Afaan Jijjiirraa kan wal hinmadaallefi ergaa darbuu barbaadamerratti gufuu ta'uu waan mul'isuuf osoo sirreeffamee barreeffamee gaariidha.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

5.1 Guduunfaa

Qorannoo qaaccessa barreeffama barjaalee Afaan Oromoo dhaabbilee dhuunfaafi mootummaa magaalaa Itayyaa jedhu keessatti kaayyoon guddaan barjaalee Afaan Oromoo qaaccessuudha. Bu'uuruma kanaan barjaaleen magaalichaa qorataman hanga danda'ametti sakatta'amaniiru. Akkasumas ragaaleen barbaachisoo ta'an gaaffinis walitti qabamaniiru.

Sakatta'a barjaalee 200 (dhibba lama) ta'anitu suurradhaan walitti qabamaniiru. Gara biraatin afgaaffiin immoon barreessitoota barjaalee, ogeessota waajjira Aadaafi Turizimii, ogeessota waajjira kennaa eyyama daldalaafi gabayaa, Aanaa Heexosaafi abbootii barjaalee barreessisiisanirratti adeemsifamee jira.

Ragaan meeshaalee olitti eeramaniin walitti qabaman kunniin hanga danda'ametti hanqinoota walfakkaataatin walitti qabamanii qidaa'aniiru. Haaluma kanaan ibsi jechootin irratti dhiyaatee qaaceffamaniiru. Akkaataa qaaccessichaatinis argannoowwan dhiyaatanii jiru.

5.2 Argannoowwan

Argannoowwan ragaalee qindaa'an mala ibsaa fayyadamuun qaaceeffamanii ibsamaniiru. Ragaaleen kunneen mala akkamtaan kan qaaceeffamiidha. Haaluma kanaan barjaaleen dhaabbilee dhuunfaafi mootumma magaalaa Itayyaa keessatti argaman irratti dogongoroonni mul'atan addaan bahaniiru. Akka argannoo ragaa sakatta'a barjaaleefi afgaafii qaamolee adda addaarra walitti qabame mul'isutti rakkooleen argaman kunninis: dogongora qubee dubbachiiftuu dheeressuufi gabaabsuu, qubee dubbifamaa iddoo hin malletti jabeessuufi laaffisuu, dogongora irra butaafi hudhaa, dubbifamaa lamaafi isaa olii jalqabaafi dhuma jechaa irratti fayyadamuu, rakkoo duraa duuba jechootaa, walqabsiistuu'fi akka ofdandaa'aatti fayyadamuu, jechoota mijatoo hin taane fayyadamuu, dhaabbii dhabuu jechootaa, itti fayyadama gabaajeeffi irra deddeebi jechootaa fayyadamuufa'adha. Kanumaan walqabatee, ragaaleen waraqaa qorannoo mata dureen qaaccessa barreeffamoota barjaalee Afaan Oromoo dhaabbilee dhuunfaafi mootummaa Magaalaa Itayyaa jedhu irratti adeemsifame hanqinoota armaan olii kanarra kan ka'e yoo ta'u maddi rakkoo qorannoo kana keessatti bira ga'amees: ragaaleen walitti qabaman harki caalu jechaan ibsaman waan ta'eefidha.

Ragaan sakatta'a barjaaleefi afgaaffiidhaan walitti qabamanii qaacceffaman akka mul'isanitti barreessitoonni barjaalee Magaalaa Itayyaa keessatti barreessaa jiran beekumsa caasaa Afaan Oromoo kan hinqabneedha. Akka deebii barreessitootarraa hubatamutti sadarkaan barumsa isaanii kutaa 10ffaa hanga digiiritti gosa barumsa birootin kan barataniidha. Haata'u malee Afaan Oromoo kan sirritti hinbeekneefi Afaan Oromootiin kan hinbaratin, akkasumas Afaan Oromootis baratanis fedhii afaan sanii kan hinqabne ta'uu ragaan argame nimirkaneeessa.

Afaan Oromoo yeroo ammaa kanatti Afaan barnootaa, hojii, miidiyaa, saayinsiifi teeknolojii ta'ee tajaajilaa jira. Haata'u malee barreeffamoonni barjaalee Magaalaa Itayyaa keessatti barreeffamanii argaman hedduun isaanii hanqina kan qaban ta'uun bira ga'ameera. Maddi hanqina kanaa keessaa inni tokko xiyyeeffannoo kennuuffii dhabuudha. Kanas akka ragaan afgaaffii mul'isutti xiyyeeffannoo kennuu dhabuurraa kan ka'e dogongorri adda addaa uumamuu ragaan argame nimirkaneeessa. Dabalataanis ragaaleen afgaaffii barreessitoota barjaaleefi Waajjira Aadaafi Turizimii akkasumas Waajjira Kennaa Eyyama Daldalaafi Gabayaa akka ibsutti qaamni qulqullina barreeffama kanaaf xiyyeeffannoo kennee hordofu kan hinjirre ta'uu ibsa. Walumaagalatti namoonni dhimmi kun isaan ilaallatu xiyyeeffannoo kennuu dhabuun dogongora kanaaf kan saaxile ta'uu raga argamerra hubatama.

Seerri caasaa afaan tokkoo afaan isa birootif tajaajiluu dhiisuu danda'a. Kana malees akkuma afaan biro seera barreeffamaa qaban Afaan Oromoollee seera barreeffamaa kan mataa ofii qaba. Barreeffamni barreeffamus seera kana hordofee barreeffama. Haata'u malee sakatta'a barjaalee qaacceffaman hedduu keessatti caasaa afaan biro keessattuu kan Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliizii Afaan Oromootiif oolchan ta'utu mul'ata. Kanas ragaan argame nimul'isa.

Kanamalees Afaan Oromoo sirnoota darban keessatti afaan barnootootaafi afaan hojii osoo hinta'in tureera. Yeroo sanaa kaasee hanga yeroo dhiyootti barreeffamoonni adda addaa haala garagaraatin barreeffamaa turan. Haata'u wayita qorannoon adda addaa haala barreeffama kanaa irratti gaggeeffamaa jiru kanatti barreeffamoonni barjaalee Magaalaa Itayyaa keessatti barreeffamanii argaman kan caasaa afaan biro hordofanii barreeffaman ta'uu ragaan ni mul'isa.

Hojiin hojjataman kamuu ogummaa hojichi gaafatuun yoo hojjatamee bu'a qabeessummaan isaa olaanaadha. Haata'u malee barreeffamni barjaalee Magaalaa nItayyaa keessatti barreeffamaa jiru ragaa afgaaffii Waajjira Aadaafi Turizimiifi Waajjira kenna Eeyyama daldalaafi gabaa akka

ibsanitti leenjii hojii kanaa barbaachisu kan hin qabne ta'uu mirkaneessa. Kanamalees ulaagaan kenninsa eyyama hojiis dhimma kana kan hingaaffanne ta'uu ragaan afgaaffii Waajjira Kennaa Eyyama Daldalaafi gabayaa irraa argame nibsa. Haalli kun immoo namoonni xiinqooqa Afaan Oromootin baratani ba'an hojii dhabaa taasisuu danda'a. Kanamalees guddina afaanicharratti gufuu ta'a.

Akkuma armaan olitti barreeffaman hanqinoonni dogongora qubeefi caasaa Afaan Oromoo barreeffamoota barjaalee Afaan Oromoo dhaabbilee dhuunfaafi mootummaa magaalaa Itayyaa mul'atan rakkoo armaan gadii ni qabaata.

- Dogongorri qubeefi caasaa Afaan Oromoo hiika irratti jijjiirama waan fiduuf waliigaltee namoota gidduu jiru nigufachiisa.
- Jechoonni maddi isaanii Afaan Oromoo hintaane akka Afaan Oromootti fudhatamaa dhufu.
- Ogeeyyiin hojii barjaajee irratti bobba'an jechoota waalta'atti waan hinfayyadamneef jechoota hiikuun rakkisaa ta'a.
- Guddina Afaan Oromoo yeroo ammaa irra jiru kanaaf gufuu ta'a.

Waluaagalatti raga armaan olii kana irraa hubatamuu kan danda'u barreeffamoonni barjaaleen afaan oromoo dhaabbilee dhuunfaafi mootummaa magaalaa Itayyaa qulqullinaa kan hin qabne ta'uu isaa madden argannoo kanaa mirkaneessaniiru.

5.3. Yaboo

Walumaagalatti rakkoo barreeffama barjaalee keessatti mul'ataniif haaluma gaaffilee bu'uuraafi kaayyoo qorannichaarratti hundaa'uun furmaanni armaan gadii kaayameera.

- Jechoonni Afaan Oromoo keessatti ittifayyadaman seera caasaa Afaan Oromoo eeguun bakka jabaatutti jabeessuu, bakka laafutti laaffisuun barreessuu qabu. Akkasumas irrabutaafi hudhaan bakka galuu qabutti galchuun jechoota haala ergaa dabarsuu danda'uun qindaayee barreeffamuu qaba.
- Jechoonni barreeffama barjaalee adda addaa keessatti yaadrimee tokko ibsuuf, jechoota adda addaatin bakka bu'amani tajaajila kennaa jiran jechoota waalta'aan ta'uu qaba. Kanneen waalta'an immoo qaama Afaan Oromoorratti hojjatus ta'ee, Afaan Oromootin hojjatu bifa walfakkaatuun itti fayyadamuu qabu.

- Gabaajee fi kottoonfachiistuu bebbeekamoo ta'anitti fayyadamuun; barreeffama barjaalee keessatti immoo jechi guutuu ta'ee yoo barreeffame caalatti gaarii ta'a.
- Jechoonni barreeffama keessatti hojirra oolanii mul'atan tokko tokko jecha afaan biroo waan ta'aniif, yaadrimee sana kan bakka bu'u barbaaduun kan hinjirre yoo ta'e akkaataa xiinjecha afaanichaatin liqeeffatamuun ittifayyadamuu qabu.
- Ogeeyyin hojii barjaalee hojjatan kanneen beekumsa caasaa Afaan Oromoo qaban ta'uu qabu.
- Waajjirri Aadaafi Turizimii ogeeyyii barjaalerratti hojjataniif leenjii adda addaa kennuu, hojii isaanii too'achuu, kanneen rakkoo barreeffamicharratti uumaa jiranirratti waajjira kennaa eyyama daldalaafi gabaa wajjin walta'uun tarkaanfii fudhachuu; kan sirra'uu didanirraa eyyama daldalaa haquu qabu.
- Dhaabbileen dhuunfallee ta'ee dhaabbileen mootummaa yeroo barreeffama barjaalee kana barreessisiisuu barbaadan dursanii dogongora qubee fi ittifayyadama caasaa Afaan Oromoo waajjira Aadaafi Turizimii ykn ogeesa afaanii gulaalchisuu qabu. Kana malees, dogongora barreeffamoota barjaalee Afaan Oromoo dhaabbilee dhuunfaafi mootummaa kana furuuf tumsi qaamolee garagaraa murteessaadha. Keesattuu gaheen waajjira barnootaa, waajjira Aadaafi Turizimiifi waajjira kennaa eyyama daldalaafi gabaa walta'uun wajjin gahee olaanaa bahuu qabu. Dabalataan dhimmi afaanii dhimma mootummaas ta'ee xiyyeeffannoo guddaan itti kennamuu qaba. Kana malees, dhimmi kun dhimma hawaasa hundaa waan ta'eef, hawaasni oromoo kamiyyuu waaltina afaanii, akkaataa ittifayyadama afaanii sirrii ta'etti fayyadamuun, dogongora jirurratti hojjachuun gahee isaanii bahuu qabu. Keesattuu ogeeyyiin Afaan Oromoorratti gaheen isaanii olaanaadha.

Kana ta'uuf immoo qabxiileen itti aanan xiyyeeffannoo guddaa argachuu qabu.

- Haalli kenniinsa eyyama hojii namoota hojii kanarratti bobba'anii qabeenyarratti osoo hintaane dandeettii caasaa Afaan Oromoo akka ulaagaatti taa'uu qaba.
- Wirtuun leenjii Aadaafi Afaan Oromoo ilaallaturratti hundaa'uun barreessitoota barjaaleefi namoota barreessisiisaniif leenjiin kennamuufii qaba.
- Koreen waaltina Afaan Oromoo rakkoo kana furuuf wantootaaf moggaasa kennuu, moggaasa kennuu qofa osoo hintaane qaamolee dhimmi ilaallatu, dhaabbilee barnootaa,

miidiyaa hawaasaa, dhaabbilee mootummaafi mit mootummaa biraan gahuufi hojirra oolmaa isaa hordoffuun too'achuu qabu.

- Ogeeyyin Afaan Oromootin leenji'an hojii barjaalee kanarratti akka hojjatan hirmaachisuun barbaachisaadha

WABII

- Aiyiifi warren biroo (2009).Introduction to Research Methods: preparatory module for Addis Ababa University graduate programmes, Graduate studies, and Research office AAU.
- Adunyaa Barkeessaa. (2010). Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee: Mega Printing pl
- _____ (2011).Akkamtaa.Yaadrimee Qorannoo Hujoo.Finfinnee.Oromiyaa
- _____ (2014) Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo. Far East Trading plc.
- Asafaa Teferra (2009).Eela: Seenaa Oguma Oromoo.Fifinnee, Oromiyaa: Far East trading plc.
- Askale Lemma (1998).Some Points on Oromo Ortography.In Interdisciplinary Seminar of Ethiopia Studies 1st Nazaret.
- Bagga, B.(2007).Inyclopedia of mass media.India: Animol Publication pvt,ltd.
- Blyth, Carl. (1998). The Role of Grammar in Communication Language Teaching. Boston: Heinle.
- Bovee,C. And Arens, W.(1989). Contemporary Advertising. Chicago: Irwin HomeWood, Illinois.
- Clark.L..Zimmer, K.And Tinervia,J.(1994).Business English and Communication,8th ed.New York: Glencoe Mc Graw, Hill.
- Crystal,D .(1997). The Cambridge Encyclopaedia of language.Cambridge: Cambridge University press.
- Cook.G.(2003).Applied Linguistics.Oxford:Oxford University Press.
- Corder, S.P.(1973). Introducing Applied Linguistics. Harmonds worth, Middlesex: Penguib Book.
- Daniel Juan Perez (2000). Translation. University Of Cd.Del Carmen, Campeche, Mexico Retrieved on Jaunary 26 2010
- Dastaa Dassaalany (2002).Bu'uura Qorannoo.Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Finfinnee.
- Edward Finegan (2003).Language: Its Structure and Use.Fifth Edition.Boston: Michael Rosenberg Publisher.
- Davies, A. (1999).An introduction to Applied Linguistics. Endinbrug: Edinburgh University Press.
- Eshetu Kebede (1981).The verb to be in Oromo.Unpublished MA Thesis, Addis Ababa University.

- Frodesen, Jan and Christine Holten (2003). Grammar and the ESL Writing Class, In Exploring the Dynamics of Second Language Writing Ed. Barbara Kroll Cambridge: Cambridge University Press.
- Grabe, W. (2002). Second Language Reading: In The Oxford Hand Book of Applied Linguistics. Kaplan.R.B. (Ed). Oxford University Press.
- Gorell, M.R and Laird.(1967). Modern English Hand Book, 4th ed. London:Prentice Hall Inc.
- Guta Kedida (1981). An Analysis of pattern of spelling Error of Freshman Ethiopian Students at Addis Ababa.Unpublished MA Thesis, Addis Ababa University.
- Haregewain Abate (2008). The Effective Communicative Grammar on the Grammatical Accuracy of Students' Academic Writing. An Integrated Approach to TEFL. Unpublished PhD dissertation, Addis Ababa University
- <http://www.irs.gov/bussiness/index.html/>
- <http://www.irs.gov/business/index.html/>
- James,et al.(1993:287) Welsh Bilinguals'English Spelling:ErrorAnalysis.Jornal of Multilingual-and-MulticulturalDevelopment.Coll.4,No.4,pp.287-306.
- Katz,J.J.(1972).Semantic Theory.New York: Harper and Row.
- Kothar C. R.(2004) Research methodology.Methods and techniques,2nd(edt.),India:New age international ltd.
- Kumar, R. (2005). Research Methodology. A Step by Guide For Beginners. London: Sage publication
- Larson Freman.D (1984) Teaching Language: From grammar to grammaring.Boston.MA: Heinle and Heinle.London and New York: Routledge.
- Leech, G.(1981). Semantics: The Study Of Meaning.Second Edition.Harmondsworth: Penguin Books.
- _____ (1990).Semantics: The Study of Meaning. Second Edition Harmondsworth: Penguin Books
- Lehman, W.P.(1992).Historical Linguistics:An introduction,the 3rd Ed.
- Lyon J.(1977) .Semantics. V1, Cambridge: Cambridge Univerity Press
- Malmkjar, K.(2005)The Linguistics Encyclopedia.London New York:Routledge..
- Makuraa Bulchaa (1995). Onesimos Nasib's pioneering contributions to Oromo writing," Nordic Journal of American studies 4(1).

- Mekonnen Hundie (2002). Lexical standardization in Oromoo. Unpublished MA Thesis: Addis Ababa University.
- Mathews, P.H. (1991). Morphology, Second Edition. Cambridge: Cambridge University Press.
- Nation, I.S.P. (1990). Teaching and Learning Vocabulary. New York: Newbury House. Newmark, Press.
- Nida, Eugene A. and Taber, C.R. (1982). The Theory And Practice Of Translation.
- O'Grady, W. and Dobrovolsky M. (1996). Contemporary Linguistics Analysis: An Introduction. Cambridge University press.
- Owens, R. (Ed). (1996) The Translator Handbook. London: Bell and Bain Ltd. Glasgow.
- Palmar, F.R. (1988). Semantics 2nd Edition. Cambridge: Cambridge University press.
- Rosa, And Paul, A. (1996). The Writer's Brief Hand Book. Boston: Allyn and Bacon, Ontario
- Robitaille, J. and Conelly, R. (2002). Writers Resources: From paragraph To Essay. Boston: Heinle, A Division of Thomson Learning. Inc.
- Saamuel Legese (2010). Common Mistake in Using the Oromo Writing System: A study On Billboard of Adama. Unpublished MA Thesis, Addis Ababa University.
- Sarantakos, S. (2005). Social Research. New York: Palgrave Macmillan.
- Shaw, Hurry, 1978. McGraw-Hill Hand book of English (4th ed). New York and Hk: McGraw-Hill INC.
- Spolsky, B (2004). Language policy. Cambridge: Cambridge University Press.
- Todd, L. and Hancock, I. (1986). International English Usage . London: Routledge.
- UNESCO (2005). Guideline for Terminology Policies Formulating and Implementing Terminology Policy in Language Communities. Paris: Lamien.
- Wallace, M. J. (2000). Action Research for language teachers. New York: Cambridge University Press.
- Wiirtuu Jildii 10 (2005). Barruulee Qormaataa waaltina Afaan Oromoo. Finfinnee, Biiroo Aadaafi Turiziimii Oromiyaa
www.asminternational.org.
- Yule, J. (2006). The study of language (2nd ed) Cambridge: Cambridge University Press.

DABALEE

Dabalee-Afgaaffii

Maddoota hanqina barreeffamoota barjaalee addaan baasuuf qaamota dhimmi isaan ilaallatu adda addaa kaayyoo qorannichaa ibsuuniifi gaaffii afaanii gaafatamaniiru. Walumaagalatti gaaffii 19 hanqinoota barreeffama AOTiif sababa ta'uu danda'an jedhamee dhiyaatee jira. Haaluma kanaan gaaffiileen torba(7) waajjira Aadaafi Turizimiif, gaffiileen afur(4) waajjira kennaa heyyama daldalaafi gabayaatiif, gaaffiileen shan(5) barreessitoota beeksisaafi gaaffiileen sadi (3) Abbootii qabeenyaa barjicha barreessisaniif dhiyaatee jira.

DABALEE- A

Yuunvarsiitii Finfinneetti, Koollejii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

I. Gaaffii Afaanii Barreessitoota Barjaatiif Dhiyaate

Maqaan koo..... jedhama. Kanan dhufe Yunivaristii Finfinnee muumee afaan oromoo, fo oklooriifi ogbarruu irraa yoo ta'u, waraqaa eebbaa qorannoo mataduree „qaaccessa barreeffama Barjaalee Afaan Oromoogama ija ittifayyadama Caasaafi akkaataa jijjiirraa “ jedhurratti hojjechaa jira. Haaluma Kanaan Kaayyoon Qorannoo Kootis; Gosoota hanqina barreeffamoota barjaalee magaalaa Itayyaa adda baasuu Maddoonni hanqina kanaa maal maal akka ta'an bira gahuufi Yaada furmaataa eeruudha. Kanaafuu deeggarsaafi fedhii gaaffii kootiif qabdaniif duraan dursee isinan galatoomfadha. Deebii qabatamaa isin naaf laattan qorannoo kootiif faayidaa guddaa waan qabuuf, odeeffannoo qabatamaa akka naaf laattaniif kabajaan isin gaafadha.

I-Odeeffannoo Dhuunfaa

1. Muuxannoo hojii keessanii-----
2. Sadarkaa barnootaa keessan -----.
3. Goosa barnootaa ittiin eebbifamtan (yoo eebbifamtanittu ta'e).....

II. Odeeffannoo Biroo

1. Dandeettiin keessan AOfi AA dubbisuufi barreessuu ilaalchisee sadarkaa akkamiitiin ibsama? Afaan isa kam caalatti dubbisuufi barreessuu dandeessu?
2. Barreeffamoota beeksisaa wayita barreessitan maamiltoonni keessan barreeffama isaanii fidatanii dhufumoo affanumaan isinitti himu?
3. Ogeessa qulqullina barreeffamoota keessanii isinii gulaalu ni qabduu?
4. Waa'ee qulqullina barreeffammota barjaalee kanaan walqabatee komiis ta'ee dinqisiifannaan isin mudatee beeku jira?
5. Ogummaa kanarratti qaamni leenjiis ta'ee deeggarsa isiniif taasisu nijira?

Deeggarsa Naa Tolchitaniif Ulfaadha!

DABALEE B

Yuunvarsitiiti Finfinneetti Koollejji Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimiifi Qunnantii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii Gaaffii Afaanii Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Heexosaatif Dhiyaate Akkam bultan, maqaan koo-----jedhama. Kanan hojjechaa jiru, Aanaa Heexosaa mana barumsaa Itayyaa sadarkaa lammaffaa barsiisaa Afaan Oromooti. Barnoota digirii lammaffaa Yuunivarsiitii Finfinnee Muummee Afaan Oromoo, Fooklooriifi Ogbarruu irraa yoo ta’u, waraqaa eebbaa qorannoo mataduree ‘Qaaccessa Caasaafi ittifayyadama Jechoota AO Barjaalee Magaalaa Itayyaa’ jedhurrattin hojjechaa jira.

Deeggarsaafi fedhii gaaffii kootiif qabdaniif duraan dursee isinan galatoomfadha

Deebii qabatamaa isin naaf laattan qorannoo kootiif faayidaa guddaa qaba. Kanaaf odeeffannoo qabatamaa akka naaf laattaniif kabajaan isin gaafadha.

I-Odeeffannoo Dhuunfaa

1. Gosa barnoota ittiin eebbifamtan?
2. Muuxannoo hojii keessanii?

II-Gaaffii Biroo

1. Namoonni yookiin waldaaleen hojii beeksisaa kana hojjetan heeyyama ga’umsaa qabuu?
2. Dhimma qulqullina barjaalee magaalaa Itayyaa keessatti barreeffamanii jiru waajjira keessan keessa qaamni too’atu jira?
3. Adeemsi kenniinsa heeyyama daldalaa manneen maxxansaa beekumsa isaan AO irratti qaban waliin walqabsiisaa naaf ibsa?
4. Hariiroon keessan dhimma kanarratti waajjira kennaa heyyama daldalaafi gabayaa wajjiin qabdan maal fakkaata?
5. Namoota yookiin manneen maxxansaa hanqina qulqullina barreeffama AO tiin uumanirratti tarkaanfii akkamii fudhattu?
6. Rakkoon fayyadama afaan oromoon barjaalee magaalaa Itayya keessa jiru kun maalirraa madda jettanii yaaddu?
7. Hanqinoonni ittifayyadama Afaan Oromoo beeksisoota kana keessa yoo jiraate waaltina afaanichaarratti dhiibbaa akkamii qabu jettee yaadda?

Deeggarsa Naa Tolchitaniif Ulfaadha!

DABALEE -C

Yuunvarsitiiti Finfinneetti Koollejji Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimiifi QunnamtiiMuummee AfaanOromoo, Ogbarruufi Fookloorii

III- Gaaffii Abbootii Qabeenyaa Barjichaaf Dhiyaate

Akkam bultan, maqaan koo-----jedhama. Kanan hojjechaa jiru, Aanaa Abbayaa mana barumsaa sadarkaa lammafaa Gaango`aatti barsiisaa Afaan Oromooti. Barnoota digirii lammaffaa Yuunivarsiitiiti Finfinnee Muummee Afaan Oromoo, Fooklooriifi Ogbarruu irraa yoo ta`u, waraqaa eebbaa qorannoo mataduree ‘Qaaccessa Caasaafi ittifayyadama Jechoota AO Barjaalee Magaalaa Itayyaa’ jedhurrattin hojjechaa jira. Deeggarsaafi fedhii gaaffii kootiif qabdaniif duraan dursee isinan galatoomfadha.Deebii qabatamaa isin naaf laattan qorannoo kootiif faayidaa guddaa qaba.Kanaaf odeeffannoo qabatamaa akka naaf laattaniif kabajaan isin gaafadha.

1. Barreeffama taappeellaa keessanii kana isintu barreessee gara mana maxxansaa geeese moo itti himtaniit isinii barreessan?
2. Tappeellaa kana yoo barreessistan waliigalteen kaffaltiin isaa lakkoofsa qubeetinimoo gabateen waliigalltu?
3. Taappeelicha barreessisiisuuf jalqaba heeyyama qaama kamirraa argattu? moo kallaatumaan gara mana maxxansaa deemtu?

Deeggarsa Naa Tolchitaniif Ulfaadha!

DABALEE – D

Yuunvarsitiiti Finfinneetti, Koollejji Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimiifi
Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

III- Gaaffii Waajjira kennaa heyrama daldalaafi gabayaatif dhiyaate:

Akkam bultan, maqaan koo-----jedhama. Kanan hojjechaa jiru, Aanaa Heexosaa mana barumsaa Itayyaa sadarkaa lammaffaa barsiisaa Afaan Oromooti. Barnoota digirii lammaffaa Yuunivarsiitii Finfinnee Muummee Afaan Oromoo, Fooklooriifi Ogbarruu irraa yoo ta'u, waraqaa eebbaa qorannoo mataduree 'Qaaccessa Caasaafi ittifayyadama Jechoota AO Barjaalee Magaalaa Itayyaa" jedhurrattin hojjechaa jira. Deeggarsaafi fedhii gaaffii kootiif qabdaniif duraan dursee isinan galatoomfadha. Deebii qabatamaa isin naaf laattan qorannoo kootiif faayidaa guddaa qaba. Kanaaf odeeffannoo qabatamaa akka naaf laattaniif kabajaan isin gaafadha.

1. Dhimma qulqullina barreeffamoota AO ilaalchisee maqaa waldaalee yookiin namni dhuunfaa moggaafatanii dhufaniif qaamni gulaalu jiraa?
2. Qindoominni isin dhimma kanarratti waajjira aadaafi turizimii waliin qabdan akkamitti ibsama?
3. Hanqinni qulqullina barreeffamoota AO barjaalee gara keessan dhufanii yeroon itti akka sirreessaniif deebistan jira?
4. Hanqinni kun guddina AOratti dhiibba qaba jettanii yaadduu?

Deeggarsa naa tolchitaniif ulfaadha!

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'u isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunvarsitii kamiyyuu keessatti kan hindhihaanee ta'usaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbisee hunda isaani wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Anis Dr Dinqeessaa Dheeressaa barataan kun hojiin isaa ofittisuuf dhiyaachu danda'u isaa mallattoo kootiin mirkansseera.

Maqaa Gorsaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____